Waggaa 29 ffaa..... Lak. ..........8/2013
29ኛ ዓመት........ቁጥር............8/2ሺ.13
29thyear ........... No. .............8/2021

Finfinnee,...........Adoolessa 19 Bara 2012
ፊንፊኔ፣.................ሐምሌ 19 ቀን 2ሺ.12 ዓ.ም
Finfine,.................................July26, 2020

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M¨ ¦
# MEGELETA OROMIA



| Gatiin Tokkoo .............. Qarshii 28.80<br>የአ¿«› ”¶ ...................... ብር 28.80<br>Unit Price ......................... Birr 28.80 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>l‰Z M¦ ብሔራዊ ŒGF” L¿·Rr በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |
|---|---|---|


| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Labsii Lak. 228/2012** | **አዋጅ ቁጥር 228/2012** | **Proclamation No. 228/2020** |
| Labsii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 228/2012 ....Fuula 1 | የኦሮሚያ ክልል የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎትን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 228/2012 ....................................... ገጽ 1 | Proclamation to Determine Oromia Region Potable Water and Sewage Services; Number 228/2020 ..............Page 1 |

## Labsii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 228/2012

Tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu fi gahaa ta'e ittifufiinsaan dhiyeessuu fi hawaasaaf sirnaan waliin gahuun, akkasumas tajaajila dhangala'aa maqsuu kennuun fayyaa lammiilee eegu-un mirgoota bu'uuraa dhala namaa ijoo ta'an keessaa isa tokko ta'uu fi mootummaanis mirgoota kana hojiirra oolchuuf dirqama Heeraa waan qabuuf;

Imaammataa fi tarsiimoo bulchiinsa qabeenya bishaanii hojiirra oolchuuf sirna kenniinsa tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa hammayyaa'aa fi si'ataa ta'e diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## የኦሮሚያ ክልል የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎትን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 228/2012

ንጹህና በቂ የሆነ የመጠጥ ውሃ አገልግሎት በዘላቂነት ማቅረብ እና በአግባቡ ለህብረተሰቡ ማዳረስ እንዲሁም የፈሳሽ ማስወገድ አገልግሎት በመስጠት የዜጎችን ጤንነት መጠበቅ ዋነኛ ከሆኑት መሰረታዊ የሰብዓዊ መብቶች አንዱ በመሆኑና መንግስትም እነዚህን መብቶች ሥራ ላይ የማዋል ህገ-መንግስታዊ ግዴታ ስላለበት፤

የውሃ ሀብት አስተዳደር ፖሊሲና ስትራተጂን ሥራ ላይ ለማዋል ዘመናዊና ቀልጣፋ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አሰጣጥ ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

## Proclamation to Determine Oromia Region Potable Water and Sewage Services; Number 228/2020

Whereas, safeguarding the health of citizens by supplying clean and adequate potable water services sustainably and distributing it to the society properly; as well as providing sewage disposal service is one of the major fundamental human rights and the government also bears constitutional duty to implement these rights;

Whereas, it is found essential to establish a modernized and efficient potable water and sewage services provision system so as to implement the water resource administration policy and strategy;

Kenniinsa tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa keessatti qorannoo irraa eegalee sadarkaa hundatti hirmaannaan kallattii ittifayyadamtootaa akka jiraatuu fi dhaabbileen yookiin waldaaleen tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa haala haqa qabeessaa fi ittifufiinsa qabuun tajaajila akka kennan taasisuun waan barbaachiseef;

Hawaasni dhaabbilee yookiin waldaalee tajaajila bishaanii magaalaa fi baadiyyaa abbummaadhaan akka bulchuu fi dhaabbileen yookiin waldaaleen kunis of danda'anii akka bulan tooftaa dandeessisu diriirsuun dhiyeessiin bishaan dhugaatii amansiisaa fi ittifufiinsa akka qabaatu taasisuuf caasaa ittigaafatamummaa qabu diriirsuu fi gurmaa'insa isaanii sirreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Oromiyaa, Lakkoofsa 228/2012" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) "Baadiyyaa" jechuun iddoo daangaa bulchiinsa magaalaatiin ala jiru hunda kan dabalatuudha.
2) "Baadiyyaa Gandoota Hedduu" jechuun tajaajila bishaan dhugaatii harka caalmaan isaa Gandoota baadiyyaa lamaa fi isaa oliif yookiin Aanaalee lamaa fi isaa oliif dhiyeessa bishaan dhugaatii kan argatu ta'ee, Dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aan kan bulu jechuudha.

በመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አሰጣጥ ሂደት ውስጥ ከምርምር ጀምሮ በሁሉም ደረጃ የተጠቃሚዎች ቀጥተኛ ተሳትፎ እንዲኖር እና የመጠጥ ውሀና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶች ወይም ማህበራት ፍትሀዊና ዘላቂነት ባለው ሁኔታ አገልግሎት እንዲሰጡ ማድረግ በማስፈለጉ፤

ህብረተሰቡ የከተማና የገጠር የውሃ አገልግሎት ድርጅቶች ወይም ማህበራትን በባለቤትነት እንዲያስተዳድራቸው እና እነዚህ ድርጅቶች ወይም ማህበራትም እራሳቸውን ችለው እንዲተዳደሩ ማድረግ የሚያስችል ዘዴ በመዘርጋት የመጠጥ ውሃ አቅርቦት አስተማማኝና ዘላቂነት እንዲኖረው ለማድረግ ሀላፊነት ያለበት መዋቅር መዘርጋት እና አደረጃጀታቸውን ማስተካከል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ህገ-መንግስት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 (3) (ሀ) መሰረት የሚከተለው ታውጇል።

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**1. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ የመጠጥ ውሀና ፍሳሽ አገልግሎት አዋጅ ቁጥር 228/2012" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

**2. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፦

1) “ገጠር” ማለት ከከተማ አስተዳደር ክልል ውጪ ያለ ሥፍራን በሙሉ የሚጨምር ነው።
2) “ባለብዙ ቀበሌዎች ገጠር” ማለት አብዛኛው እጅ ለሁለት እና ከዚያ በላይ ለሆኑ የገጠር ቀበሌዎች ወይም ለሁለት እና ከዚያ በላይ ለሆኑ ወረዳዎች የመጠጥ ውሃ አቅርቦት አገልግሎት የሚያገኝ ሆኖ፤ በመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት የሚተዳደር ማለት ነው።

Whereas, it is necessary to ensure the direct participation of the beneficiaries in the potable water and sewage service provision at all levels starting from research; and to enable the potable water and sewage services Organizations or Associations provide the potable water and sewage services fairly and sustainably;

Whereas, it is found necessary to establish responsible structures and adjust their organizational set up so as to ensure reliable and sustainable potable water supply through extending a mechanism that enable the society to administer the urban and rural water services Organizations or Associations in a sense of ownership and these Organizations or Associations to be self-sufficient;

Now, therefore, In Accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Oromia Regional State Constitution; Proclamation Number 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

## Part One
## General Provisions

**1. Short Title**

This Proclamation may be cited as "Oromia Potable Water and Sewage Services Proclamation Number 228/2020."

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this proclamation:

1) "Rural" means all area of land which is out of the boundary of the city administration.
2) "Rural with Multiple Kebeles" means potable water service which its greater part provide potable water supply service for two or more rural kebeles or for two or more Districts; which is governed by potable water and sewage services organization.

3) "Bakka Argama Bishaanii" jechuun bakka bishaan uumamaanis ta'ee namaan tolfame kuufamee itti argamu, bishaan lafa irraa fi lafa keessaa, bishaan burqaa, lagaa, haroo yookiin bishaan roobaa fi bishaan kallattii adda addaatiin dhangala'u yookiin irraa burqu jechuudha.

4) "Biiroo" jechuun Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa jechuudha.

5) "Bishaan Dhugaatii" jechuun bishaan sadarkaan qulqullina isaa ulaagaa Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa baasu kan eege ta'uun isaa mirkanaa'ee tajaajila dhugaatiif ooluu danda'u jechuudha.

6) "Boordii" jechuun Boordii Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu ol'aantummaadhaan akka gaggeessuu fi hoogganuuf Labsii kanaan hundaa'e jechudha.

7) "Caasaa Biiroo" jechuun Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Godinaa yookiin Aanaa jechuudha.

8) "Dhaabbata" jechuun dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu keessatti tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa ummataaf kennuuf hundaa'e jechuudha.

9) "Dhangala'aa" jechuun bishaan tajaajila erga kenneen booda sararaanis ta'ee sararaan ala yookiin ujummoodhaanis ta'e bifa biraatiin mana jireenyaa, dhaabbata daldalaa, bakka bashannanaa, industirii, lafa gabaa, hoteela yookiin iddoowwan kana fakkaatan irraa gadi lakkifame ta'ee, dhangala'aa osoo hin qulqulloofne tajaajilaaf ooluu hin dandeenye jechuudha.

10) "Dhiyeessa Bishaan Dhugaatii" jechuun bishaan dhugaatii tajaajilamtootaaf dhiyeessuu jechuudha.

3) "የውሃ መገኛ ሥፍራ" ማለት ውሃ በተፈጥሮም ሆነ በሰው ሰራሽ መንገድ ተሰርቶ ተጠራቅሞ የሚገኝበት ስፍራ፣ የገጸ-ምድርና የከርሰ-ምድር ውሃ፣ የምንጭ፣ የወንዝ፣ የኩሬ ወይም የዝናብ ውሃ እና በተለያዩ አቅጣጫዎች የሚፈስ ወይም ከተለያዩ አቅጣጫዎች የሚመነጭ ውሃ ማለት ነው፡፡

4) "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ የውሃ ሀብትና ኢነርጂ ልማት ቢሮ ማለት ነው፡፡

5) "የመጠጥ ውሃ" ማለት የንጽህና ደረጃው የአለም ጤና ድርጅት የሚያወጣውን መስፈርት ያሟላ መሆኑ የተረጋገጠና ለመጠጥ አገልግሎት ሊውል የሚችል ውሃ ማለት ነው፡፡

6) "ቦርድ" ማለት የከተማ ወይም የባለ ብዙ ቀበሌዎች ገጠር የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ድርጅትን በበላይነት እንዲመራና እንዲያስተዳድር በዚህ አዋጅ መሰረት የተመሰረተ አካል ማለት ነው፡፡

7) "የቢሮ መዋቅር" ማለት የዞን ወይም የወረዳ የውሃ ሀብትና ኢነርጂ ልማት ጽህፈት ቤት ማለት ነው፡፡

8) "ድርጅት" ማለት በከተማ ወይም በባለ ብዙ ቀበሌዎች ገጠር የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ውስጥ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ለህዝቡ ለመስጠት የተመሰረተ ድርጅት ማለት ነው፡፡

9) "ፍሳሽ" ማለት ከመኖሪያ ቤት፣ ከንግድ ድርጅት፣ ከመዝናኛ ስፍራ፣ ከኢንዱስትሪ፣ ከገበያ ቦታ፣ ከሆቴል ወይም ከመሳሰሉ ሥፍራዎች አገልግሎት ከሰጠ በኃላ በመስመርም ሆነ ከመስመር ውጪ ወይም በቱቦም ሆነ በሌላ መልኩ የተለቀቀ ውሃ ሆኖ፤ ሳይጣራ ለአገልግሎት መዋል የማይችል ፍሳሽ ማለት ነው፡፡

10) "የመጠጥ ውሃ አቅርቦት" ማለት የመጠጥ ውሃን ለተጠቃሚዎች ማቅረብ ማለት ነው፡፡

3) "Water Bases" means an area where water is found collected naturally or made by man, surface and underground water, spring, river, pond water or rain water and water flowing in various directions or that springs from various sources.

4) "Bureau" means Oromia Water and Energy Resources Development Bureau.

5) "Potable Water" means water which its quality standard is proved to have met the requirements set by World Health Organization and can be used for drinking.

6) "Board" means a board established by this proclamation to chiefly manage and lead the Urban or Multiple kebeles Rural Potable Water Service Organization.

7) "Structure of Bureau" means the Zone or District Water and Energy Resource Development Office.

8) "Organization" means organization established to provide potable water and sewage services for the public in the urban or rural of multiple kebeles.

9) "Sewage" means water released from homes, business organizations, refreshment areas, industries, market areas, hotels or the likes after providing services through pipelines or without pipelines or in tubes or in another ways; and is a liquid which cannot be used for service without being treated.

10) "Potable Water Supply" means supplying potable water to the beneficiaries.

11) “Federeeshinii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala’aa” jechuun qaama sadarkaa Naannootti Dhaabbilee tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa fi Yuuniyeeniiwwan ittifayyadamtoota bishaan dhugaatii fi dhangala’aa naannicha keessatti hundaa’anii qaama seerummaa argataniin hundaa’u jechuudha.

12) “Heera Mootummaa” jechuun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 jechuudha.

13) “Hojiiwwan Bishaanii” jechuun hojiiwwan bishaan lafa irraa fi lafa jalaa argachuuf, walitti qabuuf, qulqulleessuuf yookiin kuusaa bishaanii ijaaruuf, sarara bishaanii lafa irraa fi lafa jalaa diriirsuuf hojjetaman ta’ee, jallisuu, ittisuu, qotuu, haxaawuu, qorachuu, to’achuu, bulchuu, safaruu, geejjibuu, dabarsuu, soogiddummaa dhabamsiisuu, qulqullina eeguu, ittisa lolaa ijaaruu fi hojiiwwan biroo kanaan walfakkaatan raawwachuu ni dabalata.

14) “Gaggeessaa Hojii” jechuun Labsii Hojjetaa fi Hojjechisaa jalatti kan hin haguugamne, Hojii gaggeessaa dhaabbaticha, Gaggeesitootaa Adeemsaalee fi miseensota manajimentii dhaabbatichaa ni dabalata.

15) “Hojiiwwan Dhangala’aa” jechuun hojiiwwan sararoota dhangala’aa fi maashinarii dhangala’aatiin walitti qabuu, qulqulleessuu, kaasuu fi buufata qulqullina dhangala’aa keessatti hojjetaman hunda of keessaa qabu ta’ee, hojii saaniteeshinii fi haay’jiinii bishaan waliin walqabatan ni dabalata.

16) “Ittifayyadamaa” jechuun nama yookiin jaarmiyaa waldaa yookiin dhaabbata tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala’aa magaalaa yookiin baadiyyaa irraa fayyadamu jechuudha.

11) “የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ፌዴሬሽን” ማለት በክልሉ ውስጥ ተመስርተው የህግ ሰውነት ባገኙ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶች እና የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ተጠቃሚዎች ዩኒየኖች በክልል ደረጃ የሚመሰረት አካል ማለት ነው፡፡

12) “ህገ-መንግስት” ማለት ተሻሽሎ የወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ህገ-መንግስት፤ አዋጅ ቁጥር 46/1994 ማለት ነው፡፡

13) “የውሃ ሥራዎች” ማለት የገጸ-ምድርና የከርሰ-ምድር ውሃን ለማግኘት፣ ለማጠራቀም፣ ለማጣራት ወይም የውሃ ማጠራቀሚያ ለመስራት፣ የመሬት ላይና የመሬት ውስጥ የውሃ መስመር ለመዘርጋት የሚሰሩ ስራዎች ሆኖ፣ እንደ ውሃን ለመስኖ ማዋል፣ መገደብ፣ መቆፈር፣ መጥረግ፣ ማጥናት፣ መቆጣጠር፣ማስተዳደር፣ መለካት፣ ማጓጓዝ፣ ማስተላለፍ፣ ጨዋማነቱን ማስወገድ፣ ንጽህናውን መጠበቅ፣ የጎርፍ መከላከያ መገንባት እና ሌሎች የመሳሰሉ ስራዎችን መፈጸምን ይጨምራል፡፡

14) “የሥራ መሪ” ማለት በሰራተኛና አሰሪ አዋጅ የማይሸፈኑ የሥራ መሪዎች ማለትም የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ፣ የስራ ሂደቶች መሪዎች እና የድርጅቱ ማኔጅመንት አባላትን ይጨምራል፡፡

15) “የፍሳሽ ሥራዎች” ማለት በፈሳሽ መስመሮችና በፈሳሽ ማሽነሪ መሰብሰብ፣ ማጽዳት፣ ማንሳት እና በፍሳሽ ጽዳት ማዕከላት ውስጥ የሚሰሩ ስራዎችን ሁሉ የሚያጠቃልል ሆኖ፣ ከውሃ ጋር የሚያያዙ የሳኒቴሽንና ሀይጅን ሥራዎችን ይጨምራል፡፡

16) “ተጠቃሚ” ማለት ከከተማ ወይም ከገጠር የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት የሚጠቀም ሰው ወይም ማህበር ወይም ድርጅት ማለት ነው፡፡

11) "Potable Water and Sewage Service Federation" means a body established at regional level by potable water and sewage service organizations and potable water and sewage services beneficiaries unions established and acquired legal personality in the region.

12) "Constitution" means the Revised Constitution of Oromia Regional State; Proclamation Number 46/2001.

13) "Water Works" means works performed to discover, store, treat the surface and underground water or to construct water reservoir, to install surface and underground water lines; and includes irrigation, damming, digging, cleaning, surveying, controlling, administration, measurement, transportation, transferring, removing its salt, purification, construction of check dams and other similar activities.

14) "Work-Manager" means leaders who are not governed under Labor Proclamation; and includes Manager of the Organization, Directors of work processes and the management members of the organization.

15) "Sewage Works" means activities comprising of collecting, cleaning and disposal with sewer lines and sewage machineries and all activities performed in the sewage purification station; and includes activities related with sanitation and hygiene of water.

16) "Beneficiary" means person or organization that benefit from the urban or rural potable water and sewage services association or organization.

17) “Magaalaa” jechuun Magaalaa qaamni seerummaa magaalummaa kennameef jechuudha.
18) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
19) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.
20) “Sarara Dhangala’aa” jechuun ujummoo yookiin bo’oo dhangala’aa manneen jireenyaa, dhaabbilee daldalaa yookiin industirii irraa bahan maqsuuf galteewwan adda addaarraa hojjetamuudhaan walqunnamanii diriiranii fi boollota kanneen to’achuudhaaf hojjetaman hunda ni dabalata.
21) “Tajaajila Bishaan Dhugaatii Baadiyyaa” jechuun bishaan dhugaatii baadiyyaa hirmaannaa hawaasaa yookiin baajata Mootummaanis ta’e kan dhaabbilee Miti-Mootummaa yookiin qaama biraatiin ijaaramee Waldaa ittifayyadamtootaan bulu jechuudha.
22) “Tajaajila Dhangala’aa” jechuun bishaan tajaajila mana jireenyaa, dhaabbata daldalaa, industirii, tajaajila hawaasummaa fi dinagdee kamiifuu erga ooleen booda baay’inaa fi sadarkaa kamiinuu maqfamu, xurii miiccaa fi manneen qulqullinaa irraa bahu walitti qabuu, calaluu yookiin qulqulleessuu, maqsuu yookiin safartuu sadarkaa qulqullinaa barbaachisaa yoo guute deebisanii faayidaa irra oolchuu jechuudha.
23) “Waldaa Ittifayyadamtootaa” jechuun dhaabbata hojii waliigalaa bulchiinsaa, opireeshinii fi suphaa bishaan dhugaatii, saaniteeshinii fi haay’jiinii baadiyyaa gaggeessuuf hawaasa ittifayyadamaa ta’een Labsii kana bu’uura godhachuun hundaa’u jechuudha.

17) “ከተማ” ማለት የከተማነት የህግ ሰውነት የተሰጠው ከተማ ማለት ነው፡፡
18) “መንግስት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ማለት ነው፡፡
19) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡
20) “የፍሳሽ መስመር” ማለት ከመኖሪያ ቤቶች፣ ከንግድ ድርጅቶች ወይም ከኢንዱስትሪ የሚወጡ ፍሳሾችን ለማስወገድ ከተለያዩ ግብዓቶች በመስራት ተገናኝተው የተዘረጉ ቱቦዎች ወይም መስመሮች እና እነዚህን ለመቆጣጠር የተሠሩ ጉድጓዶችን ሁሉ ይጨምራል፡፡
21) “የገጠር መጠጥ ውሃ አገልግሎት” ማለት በህብረተሰቡ ተሳትፎ ወይም በመንግስትም ሆነ መንግስታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች በጀት ወይም በሌሎች አካላት ተገንብቶ በተጠቃሚዎች ማህበር የሚተዳደር የገጠር መጠጥ ውሃ ማለት ነው፡፡
22) “የፍሳሽ አገልግሎት” ማለት ለመኖሪያ ቤቶች፣ ለንግድ ድርጅቶች፣ለኢንዱስትሪ፣ ለማንኛውም ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ አገልግሎት ከዋለ በኋላ በማንኛውም መጠንና ደረጃ የሚወገድ ውሃን፣ ከእጥበትና ከመፀዳጃ ቤቶች የሚወጣ ቆሻሻን መሰብሰብ፣ ማጣራት ወይም ማጽዳት፣ ማስወገድ ወይም አስፈላጊውን የንጽህና ደረጃ መስፈርትን ካሟላ መልሶ ጥቅም ላይ ማዋል ማለት ነው፡፡
23) “የተጠቃሚዎች ማህበር” ማለት የገጠር መጠጥ ውሃ ሳኒቴሽንና ሀይጅን ጠቅላላ አስተዳደር፣ ኦፕሬሽንና ጥገና ሥራዎችን ለማካሄድ ተጠቃሚ በሆነው ህብረተሰብ ይህን አዋጅ መሰረት በማድረግ የሚመሰረት ድርጅት ነው፡፡

17) "Urban" means an urban center which is given legal personality of being urban.
18) "Government" means Oromia Regional Government.
19) "Person" means natural or juridical person.
20) "Sewer Lines" means pipes or lines produced from various inputs and installed by being connected to each other so as to dispose the sewage released out from residential homes, business organizations or industries and includes holes constructed to control these wastes.
21) "Rural Potable Water Service" means the rural potable water constructed by participation of the society or budget of the government or non-governmental organizations or other bodies and is governed by beneficiaries' association.
22) "Sewage Service" means disposal of water at any amount and level after being used for residence houses, business organization, industries, any socio-economic services, collecting, distilling or purifying, disposal of liquid dirt released from washes and toilets or re-using same if it fulfills the necessary quality standard.
23) "Beneficiaries’ Association" means an organization to be established by the beneficiary society on the basis of this proclamation to conduct general administration, operation and maintenance activities of the rural potable water, sanitation and hygiene.

24) "Yuuniyeenii Waldaalee" jechuun Waldaaleen ittifayyadamtoota bishaan dhugaatii fi dhangala'aa baadiyyaa lamaa fi isaa ol ta'an walitti dhufuun sadarkaa Aanaatti hojii dhiyeessa bishaan dhugaatii fi maqsa dhangala'aa milkeessuuf kan hundaa'an jechuudha.

### 3. Ibsa Koorniyaa

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa magaalaa fi baadiyyaa Oromiyaa keessatti kennamuu fi qaamolee Labsii kanaan hammataman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### 5. Kaayyoo

Kaayyoon Labsii kanaa:

1) Ummata magaalaa fi baadiyyaatiif tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu fi gahaa ta'e akka dhiyaatu taasisuuf;
2) Tajaajilli dhangala'aa maqsuu akka kennamu taasisuuf;
3) Dhaabbata, waldaa, yuuniyeenii fi federeeshiniin baasii ofii isaanii galii tajaajila irraa argamuun ofdanda'anii sirna baajata mataa isaanii qabaatanii akka hojjetan taasisuuf;
4) Maddootaa fi bakka argama bishaanii eeguu, kunuunsuu, faalama yookiin qisaasama irraa ittisuuf;
5) Sadarkaa kenna tajaajilaa fooyyessuudhaan tajaajila haqa qabeessa ta'e, gahumsaa fi qulqullina qabu hawaasaaf akka kennamu taasisuu; fi
6) Tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa ittifufiinsa qabu kennuun guddina hawaas-diinagdee naannichaa saffisiisuufidha.

24) "የማህበራት ዩኒየን" ማለት በወረዳ ደረጃ ያለውን የመጠጥ ውሃ አቅርቦትና የፍሳሽ ማስወገድ ሥራን ለማሳካት ሲባል ሁለት እና ከዚያ በላይ የሆኑ የገጠር መጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ተጠቃሚዎች ማህበራት አንድ ላይ በመሆን የሚመሰረቱ ዩኒየኖች ማለት ነው፡፡

### 3. የጾታ አገላለጽ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸው ማንኛውም ቃል የሴት ጾታንም ይጨምራል፡፡

### 4. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ በሚሰጠው የከተማና ገጠር የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት እና በዚህ አዋጅ በታቀፉት አካላት ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል፡፡

### 5. ዓላማ

የዚህ አዋጅ ዓላማ፡-

1) ንጹህ እና በቂ የሆነ የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ለከተማና ለገጠሩ ህብረተሰብ እንዲቀርብ ለማድረግ፤
2) የፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት እንዲሰጥ ለማድረግ፤
3) ድርጅቶች፣ ማህበራት፣ ዩኒየኖች እና ፌዴሬሽኖች የራሳቸውን ወጪ ከአገልግሎት በሚገኘው ገቢ እራሳቸው ችለው የራሳቸው የሆነ የበጀት ሥርዓት ኖሯቸው እንዲሰሩ ለማድረግ፤
4) የውሃ ምንጮች እና የውሃ መገኛ ቦታዎችን መጠበቅ፣ መንከባከብ፣ ከብክለት ወይም ከብክነት ለመከላከል፤
5) የአገልግሎት አሰጣጥ ደረጃን በማሻሻል ፍትሀዊ የሆነ፣ ብቃትና ጥራት ያለው አገልግሎት ለህብረተሰቡ እንዲሰጥ ለማድረግ፤ እና
6) ዘላቂነት ያለው የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት በመስጠት የክልሉን ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ዕድገት ለማፋጠን ነው፡፡

24) "Union of Associations" means union established by the union of two and above rural potable water and sewage service beneficiary associations for the success of potable water and sewage disposal services supply activity at district level.

### 3. Gender Reference

In this proclamation, any term expressed in masculine gender shall also apply to the feminine gender.

### 4. Scope of Application

This Proclamation shall be applicable to all urban and rural potable water and sewage services provided in Oromia and all organs covered under this proclamation.

### 5. Objective

The objective of this proclamation is to:

1) Ensure supply of clean and adequate potable water service for the urban and rural population;
2) Make sewage disposal service be provided;
3) Enable the organization, association, union and federation to be self-sufficient and independent covering their expenses with the income from the services provided and operate with their own budgeting system;
4) Guard, nurture, prevent from pollution or wastage the water sources and water bases.
5) Cause fair, efficient and quality service to be delivered for the society through improving the standard of service provision;
6) Speed up the socio-economic development of the region through providing sustainable potable water and sewage services.

## Kutaa Lama
## Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu

### Kutaa Xiqqaa Tokko
### Hundeeffama, Sadarkaa, Aangoo fi Hojii Dhaabbataa

**6. Hundeeffama**

Dhaabbanni Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Magaalaa yookiin Baadiyyaa Gandoota Hedduu kanaan booda "Dhaabbata" jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundaa'ee jira. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**7. Ulaagaalee fi Sadarkaa Dhaabbataa**

1) Dhaabbanni kamiiyyuu ulaagaalee armaan gadii irratti hundaa'uun kan sadarkeeffamu ta'a:
(a) Baay'ina ittifayyadamtoota bishaanii dhaabbatichaa;
(b) Hanga dhiyeessaa fi gahumsa bishaanii dhaabbatichaa;
(c) Uwwisaa fi waliin gahiinsa bishaanii dhaabbatichaa;
(d) To'annoo qisaasama bishaanii dhaabbatichaa;
(e) Hanga galii dhaabbatichi waggaan argatuu;
(f) Dandeettii baasiiwwan tajaajila bishaan dhugaatii haguuguu dhaabbatichi qabu;
(g) Walxaxiinsa dhiyeessa tajaajila bishaanii dhaabbatichaa;
(h) Uwwisaa fi gahumsa dhangala'aa maqsuu; fi
(i) Dandeettii baasii investimantii dhaabbatichaa deebisisuuf qabu ta'a.

2) Ulaagaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumaman bu'uura godhachuun dhaabbanni akka armaan gadiitti sadarkeeffamee jira:
(a) Dhaabbata sadarkaa tokkoffaa addaa;
(b) Dhaabbata sadarkaa tokkoffaa;
(c) Dhaabbata sadarkaa lammaffaa;
(d) Dhaabbata sadarkaa sadaffaa;
(e) Dhaabbata sadarkaa afraffaa; yookiin
(f) Dhaabbata sadarkaa shanaffaa.

## ክፍል ሁለት
## የከተማ ወይም የባለ-ብዙ ቀበሌዎች ገጠር የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት

### ንዑስ ክፍል አንድ
### የድርጅት መመስረት፣ ደረጃ፣ ሥልጣንና ተግባር

**6. መመስረት**

የከተማ ወይም የባለብዙ ቀበሌዎች ገጠር የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት ከዚህ በኋላ "ድርጅት" ተብሎ የሚጠራ በዚህ አዋጅ ተመስርቷል፡ ፡ ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**7. የድርጅት መስፈርቶችና ደረጃ**

1) ማንኛውም ድርጅት በሚከተሉት መስፈርቶች ላይ በመመስረት ደረጃ የሚወጣለት ይሆናል፡-
(ሀ) የድርጅቱ የውሃ ተጠቃሚዎች ብዛት፤
(ለ) የድርጅቱ የውሃ አቅርቦት መጠንና ብቃት፤
(ሐ) የድርጅቱ የውሃ ሽፋንና ተደራሽነት፤
(መ) የድርጅቱ የውሃ ብክነት ቁጥጥር፤
(ሠ) ድርጅቱ በዓመት የሚያገኘው ገቢ መጠን፤
(ረ) ድርጅቱ ያለው የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ወጪዎችን የመሸፈን አቅም፤
(ሰ) የድርጅቱ የውሃ አገልግሎት አቅርቦት ውስብስብነት፤
(ሸ) የፍሳሽ ማስወገድ ሽፋንና ብቃት፤ እና
(ቀ) የድርጅቱን የኢንቨስትመንት ወጪ ለማስመለስ ያለው አቅም ይሆናሉ፡፡

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገጉትን መስፈርቶች መሰረት በማድረግ ድርጅት እንደሚከተለው ደረጃ ወጥቶለታል፡-
(ሀ) ልዩ አንደኛ ደረጃ ድርጅት፤
(ለ) አንደኛ ደረጃ ድርጅት፤
(ሐ) ሁለተኛ ደረጃ ድርጅት፤
(መ) ሦስተኛ ደረጃ ድርጅት፤
(ሠ) አራተኛ ደረጃ ድርጅት፤ ወይም
(ረ) አምስተኛ ደረጃ ድርጅት፡፡

## Part Two
## Urban or Rural of Multiple Kebeles Potable Water and Sewage Services Organization

### Section One
### Establishment, Level, Power and Duties of the Organization

**6. Establishment**

The urban or rural of multiple kebeles potable water and sewage service Organization, hereinafter called "Organization" is established by this proclamation. Its particulars shall be determined by the regulation to be issued.

**7. Criteria and Levels of Organization**

1) Any organization shall be leveled depending on the following criteria:
(a) Number of the water beneficiaries of the organization;
(b) Amount of water supply and efficiency of the organization;
(c) Water coverage and distribution of the organization;
(d) Water wastage control of the organization;
(e) Annual income of the organization;
(f) Potable water service costs covering capacity of the organization;
(g) Complexity of water service supply of the organization;
(h) Sewage disposal coverage and efficiency;
(i) The organization's investment cost returning capacity.

2) Depending on the criteria provided under sub article 1 of this article, the organization is leveled as follows:
(a) First level special organization;
(b) First level organization;
(c) Second level organization;
(d) Third level organization;
(e) Fourth level organization; and
(f) Fifth level organization.

3) Raawwiin Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**8. Aangoo fi Hojii Dhaabbataa**

Dhaabbatichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoo, sagantaalee fi seerota bishaan dhugaatii fi dhangala'aa hojiirra ni oolcha;
2) Magaalaa pilaanii qabu keessatti pilaanii irratti bu'uureffatee ijaarsa bishaanii ni gaggeessa yookiin sarara maqsa dhangala'aa ni diriirsa;
3) Magaalaa Pilaanii hin qabne keessatti qaama Bulchiinsa Aanichaa yookiin Magaalichaa waliin waliigaltee taasisuun ijaarsa bishaanii ni gaggeessa yookiin sarara maqsa dhangala'aa ni diriirsa;
4) Bishaan dhugaatii sadarkaa qulqullina isaa eeggate, gahaa fi amansiisaa ta'e hawaasa magaalicha keessa jiraatu, naannawa magaalichaa jiraatu yookiin baadiyyaa gandoota hedduuf ni dhiyeessa;
5) Tajaajila kennu babal'isuuf madoota galii adda addaa ni barbaada; akka barbaachisummaa isaatti baasiin investimantii tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa hawaasaan akka deeggaramu ni jajjabeessa;
6) Namoota tajaajila bishaan dhugaatii gaafatan haalli dirqisisaan yoo qunname malee akkaataa tartiiba gaaffii isaaniitiin sarara bishaanii ni diriirsa; ni supha; ni babal'isa; waliigaltee ni seena; ni haaromsa; ni fooyyeessa;
7) Namoota harka qalleeyyii ta'aniif liqiidhaan yookiin tooftaalee mijataa ta'aniin bishaan akka galfatan ni deeggara; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
8) Tajaajila dhiyeessa bishaan dhugaatii fi dhangala'aa kennuuf kaffaltii seeraan murtaa'e yeroon ni kaffalchiisa; walitti ni qaba; akka walitti qabamu ni taasisa;

3) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 አፈጻጸም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል

**8. የድርጅት ሥልጣንና ተግባር**

ድርጅቱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ፖሊሲ፣ ስትራተጂ፣ ፕሮግራሞች እና ህጎችን ሥራ ላይ ያውላል፤
2) ፕላን ባለው ከተማ ውስጥ፣ በፕላኑ ላይ በመመስረት የውሃ ግንባታዎችን ያካሄዳል ወይም የፍሳሽ ማስወገጃ መስመሮችን ይዘረጋል፤
3) ፕላን በሌለው ከተማ ውስጥ ከወረዳው ወይም ከከተማው አስተዳደር አካል ጋር ስምምነት በመፈጸም የውሃ ግንባታዎችን ያካሂዳል ወይም የፍሳሽ ማስወገጃ መስመሮችን ይዘረጋል፤
4) የንጽህና ደረጃውን የጠበቀ፣ በቂ እና አስተማማኝ የመጠጥ ውሃን በከተማ ውስጥ ለሚኖረው፣ በከተማው አቅራቢያ ለሚኖረው ህብረተሰብ ወይም ለባለብዙ ቀበሌዎች ገጠር ነዋሪዎች ያቀርባል፤
5) የሚሰጠውን አገልግሎት ለማስፋፋት የተለያዩ የገቢ ምንጮችን ያፈላልጋል፤ እንዳስፈላጊነቱ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት የኢንቨስትመንት ወጪ በህብረተሰቡ እንዲደገፍ ያበረታታል፤
6) የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ለሚጠይቁ ሰዎች አስገዳጅ ሁኔታ ካላጋጠመ በስተቀር በጥያቄያቸው ቅደም ተከተል መሰረት የውሃ መስመር ይዘረጋል፤ ይጠግናል፤ ያስፋፋል፤ውል ይፈጽማል፤ ያድሳል፤ ያሻሽላል፤
7) የኢኮኖሚ አቅም ውስንነት ያለባቸው ሰዎች በብድር ወይም በሌሎች አመቺ መንገዶች ውሃ እንዲያስገቡ ይደግፋል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
8) ለሚሰጠው የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አቅርቦት በህግ የተወሰነውን ክፍያ በወቅቱ ያስከፍላል፤ ይሰበስባል፤ እንዲሰበሰብ ያደርጋል፤

3) Implementation particulars of sub article 1 and 2 of this article shall be determined by the regulation to be issued.

**8. Power and Duties of the Organization**

The Organization shall have the following power and duties:

1) Implement the potable water and sewage policies, strategies, programs and laws;
2) In urban having master plans, undertake water constructions or extend sewage disposal lines based on such plans;
3) Conduct water construction or lays sewage disposal lines in urban centers with no master plans by concluding agreement with the districts or urban administrative bodies;
4) Supply standard quality, adequate and reliable potable water for the society residing in urban centers, sub urban areas or for the rural of multiple kebeles;
5) Seek for various income sources with a view to expand its service; encourage the investment costs of potable water and sewage service to be supported by the society as may deem necessary;
6) Unless compelling circumstance encounters, it extends, maintains, expands water lines, concludes, renew and amend contractual agreements for the persons requested for potable water services as per the order of their requests;
7) Support the persons with lower financial capacities to get water in credit or in other suitable mechanisms. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued;
8) Cause the service charges determined by law to provide potable water and sewage services to be paid on time; collect same; cause to be collected;

9) Taariifa tajaajilaa fi gurgurtaa, dandeetti kaffaluu tajaajilamtootaa giddugaleessa godhachuun yeroo yeroon qoratee karaa Boordiitiin Biiroof dhiyaate akka murtaa'u ni taasisa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;

10) Iddoowwan argama bishaanii qorannoon adda bahan tajaajila fuulduraatiif maqaa Dhaabbatichaatiin galmaa'anii kabajamanii akka taa'an qaama dhimmi ilaalu wajjin waliigaltee ni raawwata;

11) Tooftaalee haarawa dhiyeessa bishaanii fi maqsa dhangala'aa qoratee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;

12) Tajaajila dhiyeessa bishaan dhugaatii, saaniteeshinii fi haayjiinii gandoota baadiyyaa irraa gara bulchiinsa magaalaatti daangeeffamaniif kennuuf baajata bulchiinsi magaalaa ramaduun ni raawwata. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;

13) Iddoowwan argama bishaanii ni kunuunsa; ni eega; faalama irraa ni ittisa;

14) Namoota akkaataa waliigaltee seenaniin bishaan ittifayyadamanii kaffaltii hin raawwanne irratti tarkaanfii seeraa ni fudhata yookiin akka fudhatamu ni taasisa;

15) Kenniinsa tajaajila dhangala'aa maqsuuf akka barbaachisummaa isaatti magaalota ollaa jiran wajjiin qindoomuun hojimaata fooyya'aa ta'e ni dirirsa;

16) Ogeessota dhuunfaa hojii ujummoo tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa diriirsuu, walqabsiisuu fi suphuu irratti bobba'aniif hayyama ni kenna;

17) Faayidaalee adda addaa hojjettootaaf eegamuu qaban qoratee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;

9) የአገልግሎትና ሽያጭ ታሪፍን የተጠቃሚዎችን የመክፈል አቅም ማዕከል በማድረግ በየጊዜው በማጥናት በቦርዱ በኩል ለቢሮው ቀርቦ እንዲወሰን ያደርጋል፤ ሲወሰንም ሥራ ላይ ያውላል፤

10) በጥናት የተለዩ የውሃ መገኛ ስፍራዎች ለወደፊት አገልግሎት በድርጅቱ ስም ተመዝግበውና ተከብረው እንዲቆዩ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ስምምነት ይፈጽማል፤

11) አዳዲስ የውሃ አቅርቦትና የፍሳሽ ማስወገጃ ዘዴዎችን በማጥናት ለቦርዱ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ስራ ላይ ያውላል፤

12) ከገጠር ወደ ከተማ አስተዳደር ለተከለሉ ቀበሌዎች የመጠጥ ውሃ አቅርቦት፣ ሳኒታይዜሽን እና ሀይጂን አገልግሎት ለመስጠት የከተማ አስተዳደሩ በሚመድበው በጀት ይፈጽማል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

13) የውሃ መገኛ ቦታዎችን ይንከባከባል፤ ይጠብቃል፤ ከብክለት ይከላከላል፤

14) በገቡት ውል መሰረት ውሃን ተጠቅመው ክፍያ ባልፈጸሙ ሰዎች ላይ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል ወይም እንዲወሰድባቸው ያደርጋል፤

15) ለፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት አሰጣጥ እንዳስፈላጊነቱ ከአጎራባች ከተሞች ጋር በመቀናጀት የተሻለ አሰራር ይዘረጋል፤

16) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት መስመር መዘርጋት፣ ማገናኘት እና ጥገና ስራ ላይ ለተሰማሩ የግል ባለሙያዎች ፈቃድ ይሰጣል፤

17) ለሰራተኞች ሊጠበቁ የሚገባቸው የተለያዩ ጥቅማ ጥቅሞችን አጥንቶ ለቦርድ ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ስራ ላይ ያውላል፤

9) Study the service and sale tariffs based on the paying capacity of the beneficiaries periodically and cause it to be submitted to the Bureau for decision through the Board; implement same up on its approval;

10) Conclude contracts with the concerned body for the water reserve locations identified by research to be registered and protected in the name of the organization for future service;

11) Researches new mechanisms of water supply and sewage disposal and submit to the Board; implement same up on its approval;

12) Perform potable water, sanitation and hygiene services delivery for rural kebeles incorporated in to the city administration with the budget allocated by the city administration. Its particulars shall be determined by the regulation to be issued;

13) Look after; protect; prevent from pollution the water bases;

14) Take or cause to be taken legal action on persons who have utilized water but fail to perform payments as per their contracts;

15) Lay down an improved working system of sewage disposal service provision in collaboration with the neighboring urban centers as may be necessary;

16) Issue license for private professionals engaged in extending, connecting and maintenance of potable water and sewage service lines;

17) Studies various benefits to be protected for the workers and submit to the Board and implement same up on its approval;

18) Hojiiwwan tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa bifa deeggaruu danda'uun dhuunfaan yookiin Dhaabbilee biroo waliin ta'uun hojiiwwan misoomaa irratti hirmaachuu ni danda'a;
19) Hojii isaa bu'aa qabeessa taasisuuf gar-tokkee hojii isaa qaama dandeettii seeraan mirkanaa'e qabutti waliigaltee yeroo gabaabaa yookiin dheeraatiin kennuu ni danda'a;
20) Maqaa isaatiin qabeenyaa ni horata; waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama; fi
21) Hojiiwwan biroo kaayyoolee isaa galmaan gahuuf gargaaran ni raawwata.

### Kutaa Xiqqaa Lama
### Qaamolee Bulchiinsaa Dhaabbataa

**9. Gurmaa'ina**

Dhaabbatni kamiiyyuu gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii;
2) Hojii gaggeessaa; fi
3) Hojjettoota hojiif barbaachisan.

**10. Hundeeffama, Ittiwaamama, Miseensotaa fi Sirna Walgahii Boordii**

1) Boordiin Dhaabbaticha ol'aantummaan bulchu kanaan booda "Boordii" jedhamee kan waamamu bu'uura Labsii kanaatiin hundeeffamee jira.
2) Ittiwaamama, baay'ina miseensotaa fi sirni walgahii Boordichaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**11. Aangoo fi Hojii Boordii**

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan dhaabbatichaa ol'aantummaan ni hoggana; ni hordofa; ni to'ata;
2) Karoora hojii fi baajataa Dhaabbatichaan qophaa'ee dhiyaatu qoratee ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

18) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ስራዎችን በሚደግፍ መልኩ በግል ወይም ከሌሎች ድርጅቶች ጋር በመሆን በልማት ስራዎች ላይ ሊሳተፍ ይችላል፤
19) ሥራውን ውጤታማ ለማድረግ የስራውን የተወሰነውን ክፍል በአጭር ወይም በረጅም ጊዜ ውል በህግ የተረጋገጠ ችሎታ ላለው አካል ሊሰጥ ይችላል፤
20) በስሙ ንብረት ያፈራል፤ ስምምነት ይገባል፤ ይከሳል፤ ይከሰሳል፤
21) ዓላማዎቹን ከግብ ለማድረስ የሚረዱት ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

### ንዑስ ክፍል ሁለት
### የድርጅቱ የአስተዳደር አካላት

**9. አደረጃጀት**

ማንኛውም ድርጅት የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

1) ቦርድ፤
2) ሥራ አስኪያጅ፤ እና
3) አስፈላጊ ሠራተኞች፡፡

**10. የቦርዱ ምስረታ፣ተጠሪነት፣አባላት እና የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት**

1) ድርጅቱን በበላይነት የሚመራ ቦርድ፣ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ፣ በዚህ አዋጅ ተመስርቶዋል፤
2) የቦርዱ ተጠሪነት፣የአባላት ብዛትና የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**11. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር**

ቦርዱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የድርጅቱን ተግባራት በበላይነት ይመራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
2) በድርጅቱ ተዘጋጅቶ የሚቀርብለትን የስራና በጀት ዕቅድ መርምሮ ያጸድቃል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤

18) May engage in development activities privately or with other organizations in a way that supports the potable water and sewage service provision activities;
19) May delegate part of its activities to other body which its capability is legally approved with short or long term contracts so as to make it effective;
20) Own properties; conclude contractual agreements; sue or be sued in its name;
21) Perform other activities that help to attain its objectives.

### Section Two
### Administrative Bodies of the Organization

**9. Organizational Set up**

Any Organization shall have the following organizational set up:

1) Board;
2) Manager; and
3) Necessary staff.

**10. Establishment, Accountability, Members and Meeting Procedure of the Board**

1) The Board that chiefly administers the Organization, hereinafter called "Board" is established pursuant to this proclamation.
2) The accountability, number of members and meeting procedures of the Board shall be determined by the regulation to be issued.

**11. Power and Duties of the Board**

The Board shall have the following power and duties:

1) Chiefly directs; follow up and control the overall activities of the Organization;
2) Review and approve the work and budget plan prepared and submitted by the Organization; follow up its implementation;

3) Gabaasa raawwii hojii fi baajataa dhaabbatichaa ni gamaaggama; kallattii ni kaa'a; qaama ittiwaamamuf gabaasa isaa ni dhiyeessa;
4) Hawaasa mariisisuun hojimaata hamayyaawaa, iftoominaa fi si'oomina qabu diriirsuun akka hojiirra oolu ni taasisa;
5) Sirna to'annoo bulchiinsa qabeenyaa, faayinaansii fi humna namaa cimaan jiraaachuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; bu'aa odiitii dhiyaatu ilaaluun kallattii ni kaa'a;
6) Madda maallaqaa fi qabeenya adda addaa guddinaa fi babal'ina Dhaabbatichaaf gargaaraan akka barbaadamu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
7) Taariifa tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa Dhaabbatichaan qoratamee dhiyaatuuf ilaalee yaada murtii kennuun Biiroon akka mirkaneessu ni erga; yammuu hayyamamu Dhaabbaticha ni beeksisa; raawwii isaa ni hordofa;
8) Dhimmi ariifachiisaan yeroo muudatu, gaaffii bittaan hatattamaa biyya keessaa fi biyya alaa akka raawwatamu Dhaabbatichaan dhiyaatuuf ilaalee akka bitamu ni murteessa;
9) Fooyya'iinsa caasaa, faayidaalee fi mindaa Dhaabbatichaan qoratamee dhiyaateef xiinxaluudhaan Biiroof ni dhiyeessa; murtii kenname hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa;
10) Hojii gaggeessaa Dhaabbatichaa qacaruuf, jijjiirraan yookiin guddinaan ramaduuf kaadhimamtoota muuxannoo fi dandeettii hojichaaf barbaachisu qaban keessaa dorgomsiisee filuun akkaataa sadarkaa isaaniitti Biiroof yookiin Caasaa Biirichaaf dhiyeessuun ni raggaasisa; Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) የድርጅቱን የስራና በጀት አፈጻጸም ሪፖርት ይገመግማል፤ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤ ተጠሪ ለሆነለት አካል ሪፖርት ያቀርባል፤
4) ሕብረተሰቡን በማወያየት ዘመናዊ፣ ግልጸኝነት እና ቀልጥፍና ያለው አሰራር በመዘርጋት ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
5) ጠንካራ የንብረት፣ የፋይናንስ እና የሰው ሀይል አስተዳደር ቁጥጥር ሥርዓት መኖሩን ያረጋግጣል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ የሚቀርበውን የኦዲት ውጤት በማየት አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
6) ለድርጅቱ እድገትና መስፋፋት የሚረዱ የተለያዩ የገንዘብና ሀብት ምንጮች እንዲፈለጉ ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
7) በድርጅቱ ተጠንቶ የሚቀርብለትን የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ታሪፍ በመመልከትና የውሳኔ ሀሳብ በመስጠት ቢሮው እንዲያጸድቀው ይልካል፤ ሲፈቀድም ለድርጅቱ ያሳውቃል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
8) አስቸኳይ ጉዳይ ሲያጋጥም፣ በድርጅቱ የሚቀርብለትን የሀገር ውስጥና የውጭ ሀገር አስቸካይ ግዢ ጥያቄ በመመልከት ግዢው እንዲፈጸም ይወስናል፤
9) በድርጅቱ ተጠንቶ የሚቀርብለትን የመዋቅር፣ የጥቅማ ጥቅም እና የደሞዝ ማሻሻያ በመመርመር ለቢሮው ያቀርባል፤ የሚሰጠው ውሳኔ ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ይከታተላል፤
10) የድርጅቱን ሥራ አስኪያጅ ለመቅጠር፣ በዝውውር ወይም በዕድገት ለመመደብ ለስራው የሚያስፈልገውን ልምድና ችሎታ ካላቸው ዕጩዎች ውስጥ አወዳድሮ በመምረጥ በደረጃቸው ቅደም ተከተል መሰረት ለቢሮው ወይም ለቢሮው መዋቅር በማቅረብ ያስጸድቃል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

3) Evaluate the work performance and budget report of the Organization; put direction; submit its report to the body it is accountable for;
4) Establish and cause to be implemented updated, transparent and efficient working system through holding discussion with the society;
5) Ensures the existence of effective resource, financial and human resource administration control system; follow up its implementation; examine the audit report submitted to it and set direction;
6) Cause various sources of finance and resources that help for the development and expansion of the organization to be sought; follow up its implementation;
7) Examine the tariffs of potable water and sewage services studied and submitted to it by the Organization and send it with its decision opinion to the Bureau for approval; notify the Organization up on its approval; follow up its implementation;
8) Examine the domestic and foreign accelerated procurement request submitted to it by the Organization in cases of urgency and decide for performance of such procurement;
9) Analyze the career structure, benefits and salary studied and submitted to it by the Organization and submit same to the Bureau; cause the implementation of the decision passed; follow up same;
10) To employ or assign through transfer or promotion the manager of the Organization, select with competition among the candidates having the experience and abilities required for the position and submit to the Bureau or its structures in the order of their ranks for approval; Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.

11) Hojii gaggeessaa fi hojjettoonni dhaabbatichaa dirqama isaanii sirnaan bahuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; fi
12) Hojii gaggeessaa Dhaabbatichaa irratti bu'uura seeraatiin tarkaanfii ni fudhata.

**12. Ittigaafatamummaa Miseensoota Boordii**

1) Miseensoonni Boordii dhimmoota waliin murteessanii fi hojii waliin raawwataniif ittigaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii ni qabaatu.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, murteen Boordii yeroo kennamu miseensi Boordii mormee sagaleen addaa bahe ittigaafatamummaa murtichi fidu irraa bilisa akka ta'u yaada isaa barreessee mallatteessuu qaba.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, miseensi Boordii tokko ittigaafatamummaa isaa akkaataa barbaadamuun kan hin baane yoo ta'e Biiroon yookiin Caasaan Biirichaa yeroo kamiyyuu bu'uura seeraatiin tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu yookiin miseensummaa irraa kaasuun nama biraa bakka busuu ni danda'a.

**13. Qacarrii yookiin Ramaddii fi Ittiwaamama Hojii Gaggeessaa**

1) Qacarriin yookiin ramaddiin Hojii Gaggeessaa Dhaabbatichaa Boordiin raawwatamee akkaataa sadarkaa isaaniitti Biiroon yookiin Caasaa Biirichaatiin kan raggaasifamu ta'a.
2) Ittiwaamamni Hojii Gaggeessaa Boordichaaf ta'a.

**14. Aangoo fi Hojii, Hojii Gaggeessaa**

Hojii Gaggeessaan Dhaabbatichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoo fi hojii Dhaabbatichaaf Labsii kana Keewwata 8 jalatti kennaman hojiirra ni oolcha;

11) የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ እና ሰራተኞች ግዴታቸውን በአግባቡ መወጣታቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
12) በድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ ላይ በህጉ መሰረት እርምጃ ይወስዳል።

**12. የቦርድ አባላት ተጠያቂነት**

1) የቦርድ አባላት በጋራ ለወሰኑዋቸው ጉዳዮች እና በጋራ ለሰሯቸው ተግባራት የግልና የጋራ ተጠያቂነት ይኖራቸዋል፤
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፣ የቦርዱ ውሳኔ በሚሰጥበት ጊዜ ውሳኔውን በመቃወም በድምጽ የተለየ የቦርድ አባል ውሳኔው ከሚያስከትለው ተጠያቂነት ነጻ ይሆን ዘንድ አስተያየቱን በመጻፍ መፈረም አለበት፤
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ አንድ የቦርድ አባል በሚፈለገው ሁኔታ ሀላፊነቱን ካልተወጣ ቢሮው ወይም የቢሮው መዋቅር በማንኛውም ጊዜ በህጉ መሰረት የማስተካከያ እርምጃ ሊወስድበት ወይም ከአባልነት በማንሳት ሌላ ሰው ሊተካ ይችላል።

**13. የሥራ አስኪያጁ ቅጥር ወይም ምደባ እና ተጠሪነት**

1) የድርጅቱ ስራ አስኪያጅ ቅጥር ወይም ምደባ በቦርዱ ተፈጽሞ በደረጃቸው መሰረት በቢሮው ወይም በቢሮው መዋቅር የሚጸድቅ ይሆናል፤
2) የስራ አስኪያጁ ተጠሪነት ለቦርዱ ይሆናል።

**14. የስራ አስኪያጁ ሥልጣንና ተግባር**

የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) በዚህ አዋጅ አንቀጽ 8 መሰረት ለድርጅቱ የተሰጡትን ሥልጣንና ተግባራት ስራ ላይ ያውላል፤

11) Follow up and control the manager and the workers of the Organization to properly discharge their duties;
12) Take measure on the manager of the Organization in accordance with the law.

**12. Liability of Members of the Board**

1) Members of the Board shall be individually and jointly liable for the issues they have decided and activities they have performed jointly.
2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, the member who object the decision of the Board and hold dissenting opinion shall write and sign his opinion so that he can be free from the liability that may be caused by such decision.
3) Without prejudice to sub article 1 of this Article, if member of the Board fail to discharge his responsibility as expected from him, the Bureau or its structure may at any time take corrective measure on him pursuant to the law or may remove him from membership and replace another person.

**13. Employment or Assignment and Accountability of the Manager**

1) Employment or assignment of the manager of the Organization shall be performed by the Board and approved by the Bureau or structures of the Bureau depending on their levels.
2) The manager shall be accountable to the Board.

**14. Power and Duties of the Manager**

Manager of the Organization shall have the following Power and Duties:

1) Implement the power and duties assigned to the Organization under Article 8 of this proclamation;

2) Karoora hojii fi baajataa Dhaabbatichaa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
3) Hojii Dhaabbatichaa ni qindeessa; ni hoggana; ni bulcha; ni to'ata;
4) Murtii fi kallattiiwwan Boordichaan kennamu ni raawwata; ni raawwachiisa;
5) Gabaasa hojii fi baajataa qopheessee yeroo yeroon Boordiif ni dhiyeessa;
6) Beekamtii Boordichaatiin herrega baankii Dhaabbatichaa ni bana; ni sochoosa; akkaataa seeraatiin ni qaba; herregnii fi qabeenyi Dhaabbatichaa sirnaan akka qabamu ni taasisa;
7) Labsii Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa irratti hundaa'ee, beekamtii Boordiitiin hojjettoota ni qacara; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa;
8) Hojimaata haarawa adda addaa hojichaaf barbaachisan Boordiif dhiyeessee ni mirkaneessisa;
9) Boordiin yeroo hayyamuuf waliigaltee liqaa yookiin gargaarsaa ni mallatteessa;
10) walqunnamtii yookiin waliigaltee qaama sadaffaa waliin taasifamu ilaalchisee Dhaabbaticha bakka ni bu'a;
11) Ajandaan walgahii dursee miseensota Boordii akka gahu ni taasisa; Qaboo yaa'ii ni qaba;
12) Qabeenyii fi maallaqni dhaabbatichaa hojii bishaan dhugaatii fi dhangala'aa qofaaf ooluu isaa hordoffii fi to'annoo cimaa ni taasisa;
13) Barbaachisaa ta'ee yoo argamu gar-tokkee aangoo fi hojii isaa ittigaafatamtootaa fi hojjettoota Dhaabbatichaatiif bakka bu'iinsaan dabarsuu ni danda'a; fi
14) Hojiiwwan biroo Boordiin yookiin Biiroodhaan kennamuuf ni raawwata.

2) የድርጅቱን የስራና በጀት ዕቅድ በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ስራ ላይ ያውላል፤
3) የድርጅቱን ተግባር ያቀናጃል፤ ይመራል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤
4) በቦርዱ የሚሰጠውን ውሳኔና አቅጣጫዎች ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
5) የድርጅቱን የስራና በጀት አፈጻጸም ሪፖርት በየጊዜው በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል፤
6) በቦርዱ ዕውቅና የድርጅቱን የባንክ ሒሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሳቅሳል፤ በህጉ መሰረት ይይዛል፤ የድርጅቱ ሒሣብና ንብረት በአግባቡ እንዲያዝ ያደርጋል፤
7) በአሰሪና ሰራተኛ ጉዳይ አዋጅ ላይ በመመስረት በቦርዱ ዕውቅና ሰራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ከስራ ያሰናብታል፤
8) ለስራው የሚያስፈልጉ የተለያዩ አዳዲስ አሰራሮችን ለቦርዱ በማቅረብ ያስጸድቃል፤
9) በቦርዱ ሲፈቀድለት የብድር ወይም የዕርዳታ ስምምነት ይፈርማል፤
10) ከሶስተኛ አካል ጋር የሚደረገውን ግንኙነት ወይም ስምምነት አስመልክቶ ድርጅቱን ይወክላል፤
11) የስብሰባ አጀንዳ አስቀድሞ ለቦርድ አባላት እንዲደርስ ያደርጋል፤ አጀንዳ ይይዛል፤
12) የድርጅቱ ሀብትና ገንዘብ ለመጠጥ ውሀና ፍሳሽ አገልግሎት ስራ ብቻ መዋሉን ጠንካራ ቁጥጥርና ክትትል ያደርጋል፤
13) አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ ከፊል ሥልጣንና ተግባሩን ለድርጅቱ የስራ መሪዎችና ሰራተኞች በውክልና ሊያስተላልፍ ይችላል፤እና
14) በቦርዱ ወይም በቢሮው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል።

2) Prepare the work and budget plan of the Organization and submit to the Board and implement up on its approval;
3) Coordinate; direct; administer and control the activities of the Organization;
4) Execute; cause the execution of decisions and directions given by the Board;
5) Prepares the work and budget report and submit to the Board periodically;
6) Open and operate the bank account of the Organization with the recognition of the Board; manage same in accordance with the law; cause the finance and resources of the Organization to be managed properly;
7) Employ; administer and dismiss workers based on the Labor law with the recognition of the Board;
8) Submit to the Board and cause approval of various new work practices necessary for the work;
9) Sign agreements of loan or assistances up on authorization by the Board;
10) Represent the Organization regarding the relationships or agreements made with the third party;
11) Cause agenda of the meeting to reach the Board members in advance; take minute of the meeting;
12) Make strict control and follow up whether the resources and finance of the Organization to be used for only potable water and sewage works;
13) May transfer portion of his power and duties to the work directors and workers of the Organization through delegation as found necessary; and
14) Perform other activities assigned to him by the Board or Bureau.

**15. Ittigaafatamummaa Hojii Gaggeessaa**

1) Hojii Gaggeessaan ta'e jedhee yookiin dagannoon dirqama hojii isaa osoo hin raawwatiin hafuun yookiin raawwachuun Dhaabbaticha irratti miidhaa kamiyyuu yoo dhaqqabsiisee yookiin akka dhaqqabu yoo taasise bu'uura seera rogummaa qabuun kan ittigaafatamu ta'a.
2) Hojii Gaggeessaan hordoffii fi to'annoo taasisuu dhabuun qabeenyaa fi maallaqni dhaabbatichaa yoo qisaasamee seeraan kan gaafatamu ta'a.

**16. Hojii Gaggeessaa Irratti Tarkaanfii Bulchiinsaa Fudhachuu**

1) Dhaabbaticha bu'a qabeessa taasisuuf murtiin Boordichaan fudhatamuu danda'u akkuma eegametti ta'ee, raawwiin hojii Hojii Gaggeessaa Dhaabbatichaa gadi aanaa yoo ta'e yookiin badiiwwan naamusaa yoo raawwate Boordichi bu'uura seeraatiin tarkaanfii irratti fudhachuu ni danda'a.
2) Boordiin Hojii Gaggeessaa irratti tarkaanfii hojiirraa gaggeessuu yookiin hojii gaggeessummaa irraa kaasuu kan fudhatu yoo ta'e murtichi kan hojiirra ooluu danda'u Biiroof yookiin Caasaa Biiriichaaf dhiyeessuun yoo mirkanaa'edha.
3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin Boordiin Hojii gaggeessaa aangoo gaggeessummaa irraa kan kaasu yoo ta'e Dhaabbaticha keessatti iddoo sadarkaan hojii isaa gitutti ni ramada; sadarkaan walgitu yoo hin jiraanne sadarkaa jiru irratti ni ramada. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**15. የሥራ አስኪያጁ ተጠያቂነት**

1) ሥራ አስኪያጁ ሆን ብሎ ወይም በቸልተኝነት የስራ ግዴታውን ባለመፈጸም ወይም አላግባብ በመፈጸም በድርጅቱ ላይ ማንኛውንም ጉዳት ካደረሰ አግባብነት ባለው ህግ መሰረት የሚጠየቅ ይሆናል፤
2) ሥራ አስኪያጁ ቁጥጥርና ክትትል ባለማድረጉ የተነሳ የድርጅቱ ሀብትና ገንዘብ ከባከነ በህግ የሚጠየቅ ይሆናል፡፡

**16. በሥራ አስኪያጁ ላይ አስተዳደራዊ እርምጃ መውሰድ**

1) ድርጅቱን ውጤታማ ለማድረግ በቦርዱ የሚወሰደው ውሳኔ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ የስራ አፈጻጸም ዝቅተኛ ከሆነ ወይም የስነ-ምግባር ጥፋቶችን ከፈጸመ ቦርዱ በህጉ መሰረት እርምጃ ሊወስድበት ይችላል፤
2) ቦርዱ በሥራ አስኪያጁ ላይ ከስራ የማሰናበት ወይም ከስራ አስኪያጅነት የማንሳት እርምጃ የሚወስድበት ከሆነ፣ ውሳኔው ስራ ላይ ሊውል የሚችለው ለቢሮው ወይም ለቢሮው መዋቅር ቀርቦ ከጸደቀ ይሆናል፤
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 መሰረት፣ ቦርዱ በሥራ አስኪያጁ ላይ ከስራ አስኪያጅነት ስልጣን የማንሳት እርምጃ የሚወስድበት ከሆነ፣ በድርጅቱ ውስጥ የስራ ደረጃው በሚመጥንበት ቦታ ላይ ይመድበዋል፤ ተመጣጣኝ ደረጃ ከሌለ ባለው ደረጃ ላይ ይመድበዋል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**15. Liability of the Manager**

1) If the manager causes or make to be caused any damage on the organization failing to discharge or improperly discharging his duties intentionally or negligently, he shall be held liable under the relevant law.
2) If there is wastage on the resources and finance of the Organization due to failing to make control and follow up by the manager, he shall be legally liable.

**16. To take Administrative Measure on the Manager**

1) Without prejudice to the decision of the Board for the success of the Organization, if the work performance of the manager of the Organization is unsatisfactory or if he commits disciplinary faults, the Board may take measure on him in accordance with the law.
2) Where the Board takes measure of dismissal or removal from his management power on the Manager, such decision can be enforced up on its approval by the Bureau or structures of the Bureau.
3) If the Board removes the manager from his management power pursuant to sub article 2 of this article, it shall assign him where compatible to his work position in the Organization; if there is no compatible position, it shall assign him on the position available. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.

## Kutaa Sadi
## Waldaa Ittifayyadamtoota Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Baadiyyaa
### Kutaa Xiqqaa Tokko
### Hundeeffama, Miseensota, Aangoo fi Hojii Waldaa

**17. Hundeeffamaa fi Miseensota Waldaa Ittifayyadamtootaa**

1) Waldaan Ittifayyadamtoota bishaan dhugaatii fi dhangala'aa baadiyyaa ittifayyadamtoota iskiimii bishaanii lamaa fi isaa oli ta'aniin kan hundaa'u ta'a.
2) Waldichi qaama seerummaa argachuu kan danda'u Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaatiin yoo galmaa'e qofa ta'a.
3) Ittifayyadamtoonni buufata bishaan baadiyyaa tajaajila bishaanii iskiimii bishaanii tokko irraa argatan hunduu miseensa Waldaa ta'uu ni danda'u.

**18. Aangoo fi Hojii Waldaa**

Waldaan bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa Baadiyyaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ittifayyadamtootni tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu fi gahaa ta'e ittifufiinsaan akka argataniif ni hojjeta;
2) Ittifayyadamtootni qulqullina meeshaalee ittifayyadama bishaanii kan mana keessaa fi naannawa isaanii sirnaan akka ittifayyadaman ni hojjeta;
3) Barbaachisaa ta'ee yoo argame, ittifayyadamtoota bishaanichaa mariisisuun baay'ina maallaqa Waldichi liqeeffachuu qabu ni murteessa;
4) Karoora hojii fi baajata waggaa Waldichaa ni qopheessa; ittifayyadamtootaa fi Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaatiin erga ragga'een booda hojiirra ni oolcha;
5) Gabaasa raawwii hojii teeknikaa fi herregaa yeroo yeroon qopheessee Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaa fi ittifayyadamtoota bishaaniitiif ni dhiyeessa;

## ክፍል ሦስት
## የገጠር መጠጥ ውሃና ፍሳሽ ተጠቃሚዎች ማህበር
### ንዑስ ክፍል አንድ
### የማህበሩ ምስረታ፣ ተጠሪነት፣ ሥልጣንና ተግባር

**17. የተጠቃሚዎች ማህበር ምስረታ እና አባላት**

1) የገጠር መጠጥ ውሃና ፍሳሽ ተጠቃሚዎች ማህበር ሁለት እና ከዚያ በላይ በሆኑ የውሃ ስኪም ተጠቃሚዎች የሚመሰረት ይሆናል፤
2) ማህበሩ የህግ ሰውነት ማግኘት የሚችለው በወረዳው የውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤት ሲመዘገብ ብቻ ይሆናል፤
3) ከአንድ የውሃ ስኪም የውሃ አገልግሎት የሚያገኙ የገጠር መጠጥ ውሃ ጣቢያ ተጠቃሚዎች በሙሉ የማህበር አባል መሆን ይችላሉ፡፡

**18. የማህበሩ ሥልጣንና ተግባር**

የገጠር መጠጥ ውሃና ፍሳሽ ማህበር የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ተጠቃሚዎች ንጹህ እና በቂ የሆነ የመጠጥ ውሃ አገልግሎት በዘላቂነት እንዲያገኙ ይሰራል፤
2) ተጠቃሚዎች የቤት እና አካባቢያቸው የውሃ መጠቀሚያ ዕቃዎችን በአግባቡ እንዲጠቀሙባቸው ይሰራል፤
3) አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ፣ የውሃው ተጠቃሚዎችን በማወያየት ማህበሩ መበደር ያለበትን ገንዘብ መጠን ይወስናል፤
4) የማህበሩን ዓመታዊ የስራና በጀት ዕቅድ ያዘጋጃል፤ በተጠቃሚዎች እና በወረዳው የውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤት ከጸደቀ በኋላ ስራ ላይ ያውላል፤
5) የማህበሩን የቴክኒክ እና ፋይናንስ ስራ አፈጻጸም ሪፖርት በየጊዜው በማዘጋጀት ለወረዳው የውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤትና ለተጠቃሚዎች ያቀርባል፤

## Part Three
## Rural Potable Water and Sewage Beneficiaries Association
### Section One
### Establishment, Members, Power and Duties of Association

**17. Establishment and Members of Beneficiaries Association**

1) The rural potable water and sewage beneficiaries association shall be organized by two and above water scheme beneficiaries.
2) The Association shall acquire legal personality only if it is registered by the District Water and Energy Resource Development Office.
3) All the beneficiaries of rural water station that obtain water service from one water scheme may be members of the Association.

**18. Power and Duties of Association**

The rural potable water and sewage Association shall have the following power and duties:

1) Work to enable the beneficiaries to obtain clean and adequate potable water sustainably;
2) Work for the beneficiaries to properly utilize their household and their surrounding water service materials cleanly;
3) Where found necessary, determine the amount of money that the Association shall borrow by discussing it with the beneficiaries of the water;
4) Prepares the annual work and budget plan of the Association; implement same up on its approval by the beneficiaries and the District Water and Energy Resource Development Office;
5) Prepare technical work and finance performance report and submit to the District Water and Energy Resource Development Office and beneficiaries periodically;

6) Waldichi galii mataa isaatiin akka of bulchu ni hojjeta;
7) Dambii ittiin bulmaata keessoo Waldichaa baasee hojiirra ni oolcha;
8) Ittifayyadamtoota bishaanii mariisisuun maallaqni Waldichaa hojii babal'inaa fi guddina misooma bishaanii irra akka oolu ni taasisa;
9) Taariifa bishaanii qaama dhimmi isaa ilaaluun qorachiisee Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaatiin mirkaneessisuudhaan hojiirra ni oolcha;
10) Bishaan dhugaatii Waldichaan raabsamu akkaataa taariifa murtaa'een ni gurgura; galii sassaabee yeroon Baankitti ni galcha; seera irratti hundaa'ee bahii taasisuun hojii karoorfameef ni oolcha;
11) Hojiiwwan bishaanii fi isaan walitti dhufeenya qaban kan deeggartoota misooma adda addaatiin hojjetaman karoora irraa eegalee hanga xumuramee ummatni abbummaadhaan bulchuu eegalutti ni qindeessa; ummata ni hirmaachisa;
12) Qabeenya Waldichaa kan akka boonoo, kuusaa fi sarara ujummoo ni eega; ni kunuunsa;
13) maqaa isaatiin waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama; qabeenya ni horata;
14) Akkaataa barbaachisummaa isaatti gurgurtaa bishaanii fi ogeessa hojiiwwan opireeshinii fi suphaa gaggeessuu danda'u kontiraataan qaxaree hojjechiisuu ni danda'a; fi
15) Hojiiwwan kaayyoo isaa milkeessuuf gargaaran kan biroo ni hojjeta.

## Kutaa Xiqqaa Lama
## Qaamolee Bulchiinsaa Waldaa

**19. Gurmaa'ina Waldaa**

Waldaan gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Yaa'ii Waliigalaa;
2) Koree hojii raawwachiftuu; fi
3) Hojjettoota barbaachisaa ta'an.

6) ማህበሩ በራሱ ገቢ እራሱን እንዲያስተዳድር ይሰራል፤
7) የማህበሩን የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ በማውጣት ስራ ላይ ያውላል፤
8) የውሃ ተጠቃሚዎችን በማወያየት የማህበሩ ገንዘብ ለውሃ ማስፋፊያና ማሳደጊያ ልማት ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
9) የውሃ ታሪፍ ጉዳዩ በሚመለከተው አካል አስጠንቶ በወረዳው የውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤት በማስጸደቅ ስራ ላይ ያውላል፤
10) በማህበሩ የሚከፋፈለውን የመጠጥ ውሃ በተወሰነው ታሪፍ መሰረት ይሸጣል፤ ገቢውን ሰብስቦ በወቅቱ ወደ ባንክ ያስገባል፤ በህግ ላይ ተመስርቶ ወጪ በማድረግ ለታቀደው ስራ ያውላል፤
11) በተለያዩ የልማት ደጋፊዎች የተሰሩ የውሃና ተያያዥ ስራዎችን ከዕቅድ ጀምሮ ተጠናቅቆ ህዝቡ በባለቤትነት ማስተዳደር እስኪጀምር ድረስ ያቀናጃል፤ ህዝቡን ያሳትፋል፤
12) እንደ ቦኖ፣ መጋዘን እና የውሃ ቱቦ መስመር የመሳሰሉትን የማህበሩን ንብረቶች ይጠብቃል፤ ይንከባከባል፤
13) በስሙ ሥምምነት ይፈጽማል፤ ይከስሳል፤ ይከሰሳል፤ ንብረት ያፈራል፤
14) እንዳስፈላጊነቱ የውሃ ሽያጭ፣ የኦፐሬሽንና ጥገና ሥራዎችን መስራት የሚችሉ ባለሙያዎችን በኮንትራት በመቅጠር ሊያሰራ ይችላል፤
15) ዓላማውን ለማሳካት የሚረዱት ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

## ንዑስ ክፍል ሁለት
## የማህበር አስተዳደር አካላት

**19. የማህበር አደረጃጀት**

ማህበር የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

1) ጠቅላላ ጉባዔ፤
2) ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ፤ እና
3) አስፈላጊ ሰራተኞች፡፡

6) Work for the Association to administer itself with its own budget;
7) Issue and implement the internal regulation of the Association;
8) Make the finance of the Association to be used for the expansion and development of water through conducting dialogue with the beneficiaries of water;
9) Cause water tariff to be studied by the concerned body and be approved by the District Water and Energy Resource Development Office and implement same;
10) Sell the potable water distributed by the Association as per the decided tariff; collect the income on time and deposit in the bank; draw the money from bank in accordance with the law and use same for the work planned;
11) Coordinate the water works and related activities performed by the various development supporters starting from their plan until they are completed and started to be administered by the people; participate the people;
12) Protect; nurture properties of the Association like bono, store and pipelines;
13) Enter in to agreements; sue; be sued; own properties in its name;
14) May employ professionals having abilities on sale of water, operation and maintenance works in contracts as may be necessary;
15) Perform other activities that help to attain its objectives.

## Section Two
## Administrative Bodies of Association

**19. Organizational Set-up of Association**

Association shall have the following organizational set-up:

1) General Assembly;
2) Executive Committee; and
3) Necessary staffs.

### 20. Hundeeffama Yaa'ii Waliigalaa

1) Yaa'iin waliigalaa Waldaa kanaan booda "Yaa'ii" jedhamee kan waamamu qaama Waldicha ol'aantummaan bulchu ta'ee bu'uura Labsii kanaatiin kan hundeeffamu ta'a.
2) Sirni walgahii yaa'ichaa barreeffama hundeeffamaa fi Dambii ittiin bulmaataa waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.

### 21. Aangoo fi Hojii Yaa'ii Waliigalaa

Yaa'iin Waliigala Waldichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan Waldichaa ol'aantummaan ni hoggana; ni hordofa; ni to'ata;
2) Walitti qabaa fi barreessaa yaa'ichaa miseensota waldichaa keessaa ni filata;
3) Karoora hojii fi baajataa Waldichaa qophaa'ee dhiyaatuuf qoratee ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
4) Gabaasa raawwii hojii fi baajataa Waldichaa ni gamaaggama; kallattii ni kaa'a;
5) Koree Hojii Raawwachiiftuu Waldichaa ni filata; miseensa koree hojii isaa sirnaan raawwachuu hin dandeenye gaggeessummaa irraa ni kaasa;
6) Sirna to'annoo bulchiinsa qabeenyaa, faayinaansii fi humna namaa cimaan jiraaachuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; bu'aa odiitti dhiyaatu ilaaluun kallattii ni kaa'a;
7) Madda maallaqaa fi qabeenya adda addaa guddinaa fi babal'ina Waldichaaf gargaraan akka barbaadamu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
8) Dambii ittiin bulmaataa keessoo fi barreeffama hundeeffamaa Waldichaa akka qophaa'u ni taasisa; ni mirkaneessa;
9) Taariifa bishaanii qoratamee dhiyaateef ilaalee akka mirkanaa'u qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; yammuu mirkanaa'e hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata.

### 20. የጠቅላላ ጉባዔ ምስረታ

1) የማህበር ጠቅላላ ጉባዔ ከዚህ በኃላ "ጉባዔ" ተብሎ የሚጠራ፣ ማህበሩን በበላይነት የሚያስተዳድር አካል በመሆን በዚህ አዋጅ መሰረት የሚመሰረት ይሆናል፤
2) የጉባዔው የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት በማህበሩ የመመስረቻ ጽሁፍና የመተዳደሪያ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

### 21. የጠቅላላ ጉባዔው ሥልጣንና ተግባር

ጠቅላላ ጉባዔው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የማህበሩን ተግባራት በበላይነት ይመራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
2) የጉባዔውን ሰብሳቢና ጸሀፊ ከማህበሩ አባላት መካከል ይመርጣል፤
3) ተዘጋጅቶ የሚቀርብለትን የማህበሩን የስራና በጀት ዕቅድ መርምሮ ያጸድቃል፤ ሥራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤
4) የማህበሩን የስራና በጀት አፈጻጸም ሪፖርት ይገመግማል፤ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
5) የማህበሩን የስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ይመርጣል፤ ስራውን በአግባቡ ያልፈጸመ የኮሚቴ አባልን ከሀላፊነት ያነሳል፤
6) ጠንካራ የንብረት፣ የፋይናንስ እና የሰው ሀይል አስተዳደር ቁጥጥር ሥርዓት መኖሩን ያረጋግጣል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ የሚቀርበውን የኦዲት ውጤት በማየት አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
7) ለማህበሩ እድገትና መስፋፋት የሚረዱ የተለያዩ የገንዘብና ሐብት ምንጮች እንዲፈለጉ ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
8) የማህበሩን የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ እና የመመስረቻ ጽሁፍ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ያጸድቃል፤
9) ተጠንቶ የሚቀርብለትን የውሃ ታሪፍ በመመልከት እንዲጸድቅ ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤ ሲጸድቅም አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

### 20. Establishment of General Assembly

1) The General assembly of association, hereinafter called "Assembly" shall be established as chief administrative body of the association pursuant to this proclamation.
2) The meeting procedure of the assembly shall be determined by the memorandum of establishment and bylaw of the association.

### 21. Power and Duties of the General Assembly

The General Assembly shall have the following power and duties:

1) Chiefly manage; follow up and control overall activities of the association;
2) Selects the chairperson and secretary of the assembly among members of the association;
3) Review and approve the work and budget plan of the association submitted to it; follow up its implementation;
4) Evaluates the work and budget report of the association; sets direction;
5) Select the executive committee of the Association; remove from leadership member of the committee who is unable to perform his duty properly;
6) Make sure the existence of strong resource, finance and human resource administration control system; follow up its implementation; examine the audit report submitted and sets direction;
7) Cause the various sources of finance and resource that help for the development and expansion of the Association to be sought; follow up its implementation;
8) Cause the preparation of internal bylaw and memorandum of establishment of the Association; approve same;
9) Examine the water tariff studied and submitted to it and refer to the concerned body for approval; follow up and control its implementation up on approval.

**22. Koree Hojii Raawwachiiftuu Waldaa**

1) Waldaan kamiiyyuu Koree Hojii Raawwachiiftuu nama shan qabu miseensoota Waldichaa keessaa Yaa'ii Waliigalaa Waldichaatiin filatamaniin kan gaggeeffamu ta'a.
2) Koreen Hojii Raawwachiftuu Waldichaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
(a) Dura Taa'aa;
(b) Barreessaa;
(c) Abbaa Herregaa;
(d) Maallaqa Qabaa; fi
(e) Miseensa Tokko.
3) Sirni filannoo, aangoo fi hojiin koree, gaheen tokkoo tokkoo miseensa korichaa, barri hojii fi sirni hojiirraa itti kaafaman Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**23. Waldaa Gara Dhaabbataatti Ol Guddisuu**

Gandi baadiyyaa Waldichi keessatti argamu gara Magaalaattii kan guddate yoo ta'ee fi ulaagaa barbaachisu kan guutu yoo ta'e Biirichi Waldichi gara Dhaabbataatti akka guddatu murteessuu ni danda'a. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Afur**
**Yuuniyeenii Waldaalee Ittifayyadamtootaa**
**Kutaa Xiqqaa Tokko**
**Hundeeffama, Miseensota, Kaayyoo, Aangoo fi Hojii Yuuniyeenii**

**24. Hundeeffamaa fi Miseensotaa Yuuniyeenii**

1) Yuuniyeeniin, Waldaalee ittifayyadamtootaa bishaan dhugaatii fi dhangala'aa lamaa fi isaa ol irraa sadarkaa Aanaatti kan hundeeffamu ta'a.
2) Yuuniyeeniin Waldaalee qaama seerummaa argachuu kan danda'u Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaatiin yoo galmaa'e qofa ta'a.

**22. የማህበሩ የስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ**

1) ማንኛውም ማህበር ከማህበሩ አባላት ውስጥ በማህበሩ ጠቅላላ ጉባዔ በሚመረጡ አምስት አባላት ባሉት የስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚመራ ይሆናል፤
2) የማህበሩ ስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚከተሉት አባላት ይኖረዋል፡-
(ሀ) ሊቀመንበር፤
(ለ) ጸሀፊ፤
(ሐ) ሂሳብ ሹም፤
(መ) ገንዘብ ያዥ፤ እና
(ሠ) አንድ አባል፡፡
3) የኮሚቴው አመራረጥ ሥርዓት፣ ሥልጣንና ተግባር፣ የእያንዳንዱ የኮሚቴው አባል የስራ ድርሻ፣ የስራ ዘመን እና ከስራ የሚነሱበት ሥርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**23. ማህበርን ወደ ድርጅት ማሳደግ**

ማህበሩ በውስጡ የሚገኝበት የገጠር ቀበሌ ወደ ከተማ ያደገ ከሆነ እና አስፈላጊውን መስፈርት የሚያማላ ከሆነ፣ ቢሮው ማህበሩ ወደ ድርጅት እንዲያድግ ሊወስን ይችላል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**ክፍል አራት**
**የተጠቃሚዎች ማህበራት ዩኒየን**
**ንዑስ ክፍል አንድ**
**የዩኒየን ምስረታ፣ አባላት፣ ዓላማ፣ ሥልጣንና ተግባር**

**24. የዩኒየን ምስረታ እና አባላት**

1) ዩኒየን ከሁለትና ከዚያ በላይ በሆኑ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ተጠቃሚዎች ማህበራት በወረዳ ደረጃ የሚመሰረት ይሆናል፤
2) የማህበራቱ ዩኒየን የህግ ሰውነት ሊያገኝ የሚችለው በወረዳው የውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤት ሲመዘገብ ብቻ ይሆናል፤

**22. Executive Committee of Association**

1) Any Association shall be managed by the executive committee containing five persons selected amongst members of the Association by the General Assembly of the Association.
2) The Executive committee of the Association shall have the following members:
(a) Chairperson;
(b) Secretary;
(c) Finance Officer;
(d) Cashier; and
(e) One Member.
3) The selection procedure, power and duties of the committee, duties of each member of the committee, their term of office and their removal procedure shall be determined by the regulation to be issued.

**23. Upgrading Association in to Organization**

If the rural kebele in which the Association is found developed to urban and fulfill the necessary criteria, the Bureau may decide the Association to be upgraded to Organization. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.

**Part Four**
**Union of Beneficiaries' Association**
**Section One**
**Establishment, Members, Objective, Power and Duties of Union**

**24. Establishment and Members of Union**

1) The union shall be established from two and above potable water and sewage beneficiary associations at District level.
2) Union of Associations shall acquire legal personality only if it is registered by the District Water and Energy Resource Development Office.

3) Waldaan Ittifayyadamtootaa bishaan dhugaatii fi dhangala'aa ulaagaa guutu hundi miseensa Yuuniyeenichaa ta'uu ni danda'a.

**25. Kaayyoo Hundeeffama Yuuniyeenii**

Yuuniyeeniin Waldaa Ittifayyadamtootaa kaayyoolee armaan gadiitiif kan gurmaa'u ta'a:

1) Meeshaalee ijaarsaa fi jijjiirraa yookiin qulqullina hojiiwwan bishaan dhugaatii fi dhangala'aaf oolu biyya keessaa fi alaa irraa waliin dhiyeessuun rakkoo qaban salphisuu fi hiikachuuf;
2) Bishaan dhugaatii haala hammayyaa'aa ta'een ummata Naannichaatiif dhiyeessuuf teekinooloojii garaagaraa babal'isuuf;
3) Dandeettii raawwachiisummaa hojjettoota Waldaalee cimsuuf giddugaleessa leenjii hundeeffachuuf;
4) Madda galii garaagaraa dhimma hojii tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa gargaaru maddisisuun tajaajila gahaa fi amansisaa ta'e kennuuf;
5) Madda galii garaagaraa uumuun hanqina humna raawwachisummaa faayinaansii Yuuniyeeniin yookiin waldichi qabu hiikuuf;
6) Qorannoo fi qo'annoo garaagaraa gaggeessuun kenniinsi tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa fooyya'aa fi amanisiisaan akka jiraatu taasisuuf.

**26. Aangoo fi Hojii Yuuniyeenii**

Yuuniyeeniin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waldaaleen miseensota Yuuniyeenichaa ta'an galii isaaniitiin akka bulanii fi hojiiwwan fooyyessuu fi babal'isuu akka hojjetan ni jajjabeessa;
2) Waldaaleen qabeenya isaanii gurmeessuudhaan akkasumas deeggarsa adda addaa argamutti fayyadamuudhaan hojiiwwan investimantii adda addaa hojii bishaanii deeggaruu danda'an irratti akka hirmaatan haala ni mijeessa;

3) መስፈርቱን የሚያሟላ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ተጠቃሚዎች ማህበር በሙሉ የዩኒየኑ አባል ሊሆን ይችላል፡፡

**25. የዩኒየኑ መመስረት ዓላማ**

የተጠቃሚዎች ማህበራት ዩኒየን ለሚከተሉት ዓላማዎች የሚደራጅ ይሆናል፡-

1) ለመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ስራዎች የሚውሉ የግንባታና መለዋወጫ ወይም የጽዳት መሳሪያዎች ከሀገር ውስጥና ከውጭ ሀገር በጋራ በማቅረብ ያለባቸውን ችግር ለማቃለል እና ለመፍታት፤
2) የመጠጥ ውሃን በዘመናዊ ሁኔታ ለክልሉ ህዝብ ለማቅረብ የተለያዩ ቴክኖሎጂዎችን ለማስፋፋት፤
3) የማህበራትን ሰራተኞች የማስፈጸም አቅም ለመገንባት የስልጠና ማዕከል ለመገንባት፤
4) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ስራን የሚረዳ የተለያየ የገቢ ምንጭ በማመንጨት በቂና አስተማማኝ የሆነ አገልግሎት ለመስጠት፤
5) የተለያየ የገቢ ምንጭ በመፍጠር ማህበሩ ወይም ዩኒየኑ ያለበትን የፋይናንስ የማስፈጸም አቅም እጥረት ለመፍታት፤
6) የተለያዩ ጥናትና ምርምሮችን በማካሄድ የተሻለና አስተማማኝ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አሰጣጥ እንዲኖር ለማድረግ፡፡

**26. የዩኒየኑ ሥልጣንና ተግባር**

ዩኒየኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የዩኒየኑ አባል የሆኑ ማህበራት በራሳቸው ገቢ እንዲተዳደሩ፣ የማሻሻልና የማስፋፋት ስራዎችን እንዲሰሩ ያበረታታል፤
2) ማህበራት ሀብታቸውን በማደራጀት እንዲሁም የሚገኘውን የተለያዩ ድጋፎችን በመጠቀም የውሃ ስራን በሚደግፉ የተለያዩ የኢንቨስትመንት ስራዎች ላይ እንዲሳተፉ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

3) All potable water and sewage beneficiaries associations that fulfill the criteria can be member of the union.

**25. Establishment Objective of Union**

The Union of Beneficiaries Association shall be organized for the following objectives:

1) To supply the construction and spare part or cleaning materials used for potable water and sewage works from domestic and foreign markets and minimize and solve their problems;
2) To expand various technologies so as to supply potable water to the people of the region in a modern way;
3) To establish training centers in order to build the performance capacities of the workers of Associations;
4) To generate various income sources that help the issue of potable water and sewage service works and thereby provide adequate and reliable service;
5) To solve the limitations of financial performance capacity of the union or association by creating various income sources;
6) To ensure an improved and reliable potable water and sewage service provision by undertaking various researches and studies.

**26. Power and Duties of the Union**

The Union shall have the following power and duties:

1) Encourage the associations which are members of the union to operate with their own incomes and perform upgrading and expansion works;
2) Facilitate conditions to enable the associations engage in various investment activities that can support water works by organizing their resources and using various assistances obtained;

3) Karoora hojii fi baajata waggaa Yuuniyeenichaa ni qopheessa; yaa'ii waliigalaa fi Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaatiin erga raggaâ€™een booda hojiirra ni oolcha;
4) Gabaasa raawwii hojii teeknikaa fi herregaa yeroo yeroon qopheessee Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaa fi yaa'ii waliigalaa Yuuniyeenitiif ni dhiyeessa;
5) Hojiiwwan teeknikaa fi herregaa Waldaalee fi kan Yuuniyeenichaa akkaataa seeraatiin hojiirra ooluu isaa ni to'ata, ni mirkaneessa;
6) Haala deeggarsi faayinaansii yookiin deeggarsi teeknikaa maddoota adda addaa irraa itti argamu ni mijeessa; yammuu argamu hojiirra ni oolcha;
7) Maqaa isaatiin waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama; waliigaltee ni raawwata; qabeenya ni horata;
8) Dambii ittiin bulmaata keessoo Yuuniyeenichaa baasee hojiirra ni oolcha;
9) Hojiiwwan kaayyoo isaa milkeessuuf gargaaran kan biroo ni hojjeta.

**27. Yuuniyeeniin Gurmaa'uuf Ulaagaalee Barbaachisan**

Waldaan kamiyyuu Yuuniyeeniin gurmaa'uuf ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

1) Waldaaleen gurmaa'an lamaa (2) fi isaa ol ta'uu qabu;
2) Waldaan gurmaa'u qaama seerummaa qabaachu qaba;
3) Waldaan gurmaa'u teessoo ittiin beekamu kan qabu ta'uu qaba;
4) Seera ittiin bulmaataa Waldichaa kabajuu fi kabachisuu kan danda'u; fi
5) Buusii miseensummaa Yuuniyeeniichaa kaffaluu kan danda'u. Hangi buusii miseensummaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) የዩኒየኑን ዓመታዊ የስራና በጀት ዕቅድ ያዘጋጃል፤ በጠቅላላ ጉባዔውና በወረዳው የውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤት ከጸደቀ በኂላ ሥራ ላይ ያውላል፤
4) የቴክኒክና ፋይናንስ ስራ አፈጻጸም ሪፖርት በየጊዜው በማዘጋጀት ለወረዳ ውሃና ኢነርጂ ሐብት ልማት ጽህፈት ቤትና ለዩኒየኑ ጠቅላላ ጉባዔ ያቀርባል፤
5) የማህበራትና የዩኒየኑ የቴክኒክና ፋይናንስ ስራዎች በህጉ መሰረት ተግባር ላይ መዋላቸውን ይቆጣጠራል፤ ያረጋግጣል፤
6) ከተለያዩ ምንጮች የፋይናንስ ወይም የቴክኒክ ድጋፍ የሚገኝበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤ ሲገኝም ስራ ላይ ያውላል፤
7) በስሙ ውል ይገባል፤ ይከሳል፤ ይከሰሳል፤ ስምምነት ይፈጽማል፤ ንብረት ያፈራል፤
8) የዩኒየኑን የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ በማውጣት ስራ ላይ ያውላል፤
9) ዓላማውን ለማሳካት የሚረዱት ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

**27. በዩኒየን ለመደራጀት የሚያስፈልጉ መስፈርቶች**

ማንኛውም ማህበር በዩኒየን ለመደራጀት የሚከተሉትን መስፈርቶች ማሟላት አለበት፡-

1) የሚደራጁት ማህበራት ሁለት (2) እና ከዚያ በላይ መሆን አለባቸው፤
2) የሚደራጀው ማህበር የህግ ሰውነት ሊኖረው ይገባል፤
3) የሚደራጀው ማህበር የሚታወቅበት አድራሻ ሊኖረው ይገባል፤
4) የማህበሩን መተዳደሪያ ህግ አክብሮ ማስከበር የሚችል፤ እና
5) የዩኒየኑን የአባልነት መዋጮ መክፈል የሚችል፤ የመዋጮው መጠን በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

3) Prepares the annual work and budget plan of the Union; implement same up on its approval by the General Assembly and the District Water and Energy Resource Development Office;
4) Prepare technical work and financial performance report and submit to the District Water and Energy Resource Development Office and the General Assembly of Union periodically;
5) Control the technical and financial activities of the Associations and Union to be implemented in accordance with the law; ensure same;
6) Facilitate conditions of acquiring financial or technical assistances from various sources; implement same up on being acquired;
7) Enter in to contracts; sue; be sued; conclude agreements; own properties in its name;
8) Issue internal bylaw of the Union and implement same;
9) Perform other activities that help to attain its objectives.

**27. Criteria necessary to be Organized in Union**

Any Association shall fulfill the following criteria to be organized in Union:

1) The Associations to be organized shall be two (2) and above;
2) The Associations to be organized shall have legal personality;
3) The Associations to be organized shall have its own address of identification;
4) It shall be one that respect and cause to be respected the bylaw of the Association;
5) It shall be able to pay membership contribution of the Union. The amount of membership contribution shall be determined by the directive to be issued.

## Kutaa Xiqqaa Lama
## Qaamolee Bulchiinsa Yuuniyeenii

**28. Gurmaa'ina Yuuniyeenichaa**

Yuuniyeeniin Waldaa itti-fayyadamtootaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Yaa'ii Waliigalaa;
2) Koree Hojii Raawwachiiftuu; fi
3) Hojjettoota barbaachisaa ta'an.

**29. Hundeeffama Yaa'ii Waliigalaa**

1) Yaa'iin waliigalaa Yuuniyeenii kanaan booda "Yaa'ii" jedhamee kan waamamu qaama Yuuniyeenicha ol'aantummaan bulchu ta'ee bu'uura Labsii kanaatiin kan hundeeffamu ta'a.
2) Sirni walgahii Yaa'ichaa barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.

**30. Aangoo fi Hojii Yaa'ii Waliigalaa**

Yaa'iin Waliigalaa Yuuniyeeniichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan Yuuniyeenichaa ol'aantummaan ni hoggana; ni hordofa; ni to'ata;
2) Karooraa hojii fi baajataa Yuuniyeenichaan qophaa'ee dhiyaatuuf qoratee ni mirkaneessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
3) Gabaasa raawwii hojii fi baajataa Yuuniyeenichaa ni gamaaggama; kallattii ni kaa'a;
4) Koree Hojii Raawwachiiftuu Yuuniyeenichaa ni filata; miseensa koree hojii isaa sirnaan raawwachuu hin dandeenye gaggeessummaa irraa ni kaasa;
5) Sirna to'annoo bulchiinsa qabeenyaa, faayinaansii fi humna namaa cimaan jiraaachuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; bu'aa odiitii dhiyaatu ilaaluun kallattii ni kaa'a;
6) Madda maallaqaa fi qabeenya adda addaa guddinaa fi babal'ina Yuuniyeenichaaf gargaaraan akka barbaadamu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
7) Dambii ittiin bulmaataa keessoo fi barreeffama hundeeffamaa Yuuniyeenichaa akka qophaa'u ni taasisa; ni mirkaneessa.

## ንዑስ ክፍል ሁለት
## የዩኒየን የአስተዳደር አካላት

**28. የዩኒየኑ አደረጃጀት**

የተጠቃሚዎች ማህበራት ዩኒየን የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

1) ጠቅላላ ጉባዔ፤
2) ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ፤ እና
3) አስፈላጊ ሠራተኞች፡፡

**29. የጠቅላላ ጉባዔ መመስረት**

1) የዩኒየኑ ጠቅላላ ጉባዔ፣ከዚህ በኋላ "ጉባዔ" ተብሎ የሚጠራ፣ ዩኒየኑን በበላይነት የሚያስተዳድር አካል ሆኖ በዚህ አዋጅ መሰረት የሚመሰረት ይሆናል፤
2) የጉባዔው የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት በማህበሩ የመመስረቻ ጽሁፍና የመተዳደሪያ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**30. የጠቅላላ ጉባዔው ሥልጣንና ተግባር**

የዩኒየኑ ጠቅላላ ጉባዔ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የዩኒየኑን ስራዎች በበላይነት ይመራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
2) በዩኒየኑ ተዘጋጅቶ የሚቀርብለትን የስራና በጀትና ዕቅድ በመመልከት ያጸድቃል፤ ስራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤
3) የዩኒየኑን የስራና በጀት አፈጻጸም ሪፓርት ይገመግማል፤ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
4) የዩኒየኑን የስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ይመርጣል፤ ስራውን በአግባቡ ያልፈጸመ የኮሚቴ አባልን ከሀላፊነት ያነሳል፤
5) ጠንካራ የንብረት፣ የፋይናንስ እና የሰው ሀይል አስተዳደር ቁጥጥር ሥርዓት መኖሩን ያረጋግጣል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ የሚቀርበውን የኦዲት ውጤት በመመልከት አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
6) ለዩኒየኑ እድገትና መስፋፋት የሚረዱ የተለያዩ የገንዘብና ሐብት ምንጮች እንዲፈለጉ ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
7) የዩኒየኑ የውስጥ መተዳደሪያ ደንብና የመመስረቻ ጽሁፍ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ ያጸድቃል፡፡

## Section Two
## Administrative Bodies of Union

**28. Organizational Set-up of the Union**

Union of the Beneficiaries Association shall have the following organizational set-up:

1) General Assembly ;
2) Executive Committee; and
3) Necessary staffs.

**29. Establishment of the General Assembly**

1) The General Assembly of Union; hereinafter called "Assembly" shall be established pursuant to this proclamation as chief governing body of the Union.
2) The meeting procedure of the Assembly shall be determined by the memorandum of establishment and bylaw of the association.

**30. Power and Duties of the General Assembly**

General Assembly of the Union shall have the following power and duties:

1) Chiefly manage; follow up and control the activities of the union;
2) Review and approve the work and budget plan of the Union submitted to it; follow up its implementation;
3) Evaluates the work and budget report of the Union; sets direction;
4) Select the executive committee of the Union; remove from leadership member of the committee who is unable to perform his duty properly;
5) Ensure the existence of strong resource, finance and human resource administration control system; follow up its implementation; examine the audit report submitted and put direction;
6) Causes the various sources of finance and resource that help for the development and expansion of the Union to be looked for; follow up its implementation;
7) Cause the preparation of internal bylaw and memorandum of establishment of the Union; approve same.

**31. Koree Hojii Raawwachiiftuu**

1) Yuuniyeeniin Waldaa itti-fayyadamtootaa Koree Hojii Raawwachiftuu miseensota nama shan qabuu fi yaa'ii waliigalaa Yuuniyeenichaatiin filatamaniin kan gaggeeffamu ta'a.
2) Koreen Hojii Raawwachiftuu Yuuniyeenii miseensoota armaan gadii ni qabaata:
(a) Dura Taa'aa;
(b) Barreessaa;
(c) Abbaa Herregaa;
(d) Maallaqa Qabaa; fi
(e) Miseensa Tokko.
3) Sirni filannoo, aangoo fi hojiin koree, gaheen tokkoo tokkoo miseensa korichaa, barri hojii fi sirni hojiirra itti kaafaman Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**32. Ittigaafatamummaa Koree Hojii Raawwachiistuu Yuuniyeenii**

Miseensoonni koree hojii raawwachiistuu Yuuniyeenichaa dhimmoota waliin murteessanii fi hojii waliin raawwataniif ittigaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii ni qabaatu.

**Kutaa Shan**
**Federeeshinii Tajaajila Bishaan Dhugaatii fi Dhangala'aa**
**Kutaa Xiqqaa Tokko**
**Hundeeffama, Miseensota, Ittiwaamama, Aangoo fi Hojii Federeeshinii**

**33. Hundeeffama, Miseensotaa fi Ittiwaamama Federeeshinii**

1) Federeeshiniin tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa sadarkaa Naannootti kan hundeeffamu ta'a.
2) Federeeshinichi, dhaabbilee tajaajiloota bishaan dhugaatii fi dhangala'aa fi Yuuniyeeniiwwan ittifayyadamtootaa naannicha keessatti hundaa'an irraa kan gurmaa'u ta'a.
3) Dhaabbileen fi Yuuniyeeniiwwan tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa naannicha keessatti hundaa'anii fi qaama seerummaa qaban hunduu miseensa Federeeshinii ta'uu ni danda'u.

**31. የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ**

1) የተጠቃሚዎች ማህበር ዩኒየን በዩኒየኑ ጠቅላላ ጉባዔ በሚመረጡ አምስት አባላት ባሉት የስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚመራ ይሆናል፤
2) የዩኒየኑ ስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚከተሉት አባላት ይኖረዋል፦
(ሀ) ሊቀመንበር፤
(ለ) ጸሀፊ፤
(ሐ) ሂሳብ ሹም፤
(መ) ገንዘብ ያዥ፤ እና
(ሠ) አንድ አባል፡፡
3) የኮሚቴው አባላት የአመራረጥ ሥርዓት እንዲሁም ሥልጣንና ተግባር፣ የኮሚቴው የእያንዳንዱ አባል ድርሻ፣ የስራ ዘመን እና ከስራ የሚነሱበት ሥርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**32. የዩኒየኑ ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ተጠያቂነት**

የዩኒየኑ ስራ አስፈጻሚ ኮሚቴ አባላት በጋራ ለወሰኗቸው ጉዳዮች እና በጋራ ለፈጸሟቸው ተግባራት የግልና የጋራ ተጠያቂነት ይኖራቸዋል፡፡

**ክፍል አምስት**
**የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ፌዴሬሽን**
**ንዑስ ክፍል አንድ**
**የፌዴሬሽን ምስረታ፣አባላት፣ተጠሪነት፣ ሥልጣንና ተግባር**

**33. የፌዴሬሽን ምስረታ፣ አባላት እና ተጠሪነት**

1) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ፌዴሬሽን በክልል ደረጃ የሚመሰረት ይሆናል፤
2) ፌዴሬሽኑ በክልሉ ውስጥ ከተመሰረቱ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶች እና የተጠቃሚዎች ዩኒየኖች የሚደራጅ ይሆናል፤
3) በክልሉ ውስጥ የተመሰረቱና የህግ ሰውነት ያላቸው የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶችና ዩኒየኖች በሙሉ የፌዴሬሽን አባል ሊሆኑ ይችላሉ፤

**31. Executive Committee**

1) Union of beneficiaries Association shall be managed by the Executive committee containing five members to be selected by the General Assembly of the Union.
2) Executive committee of the Union shall have the following members:
(a) Chairperson;
(b) Secretary;
(c) Finance Officer;
(d) Cashier; and
(e) One Member.
2) The selection procedure, power and duties of the committee, duty of each member of the committee, their term of office and their removal procedure shall be determined by the regulation to be issued.

**32. Liability of Executive Committee of the Union**

Members of the executive committee of the Union shall be individually and jointly liable for the issues they decided and activities they performed jointly.

**Part Five**
**Potable Water and Sewage Services Federation**
**Sub Section One**
**Establishment, Members, Accountability, Power and Duties of Federation**

**33. Establishment, Members and Accountability of Federation**

1) Potable water and sewage services Federation shall be established at regional level.
2) The Federation shall be organized from the potable water and sewage services Organizations and beneficiaries unions established in the region.
3) All the Organizations and Unions of the potable water and sewage services established in the region that acquired legal personality may be members of the Federation.

4) Ittiwaamamnii Federeeshinichaa Biiroof ta'a.
5) Federeeshiniin bu'uura Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuun hundaa'u qaama seerummaa argachuu kan danda'u Biirootti yoo galmaa'e qofa ta'a.

## 34. Aangoo fi Hojii Federeeshinii

Federeeshinichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) dhimmoota aangoo Yuuniyeenii yookiin Dhaabbilee ol ta'an akka furaman qaama dhimmi ilaallatu waliin ni hojjeta;
2) Dhaabbilee fi Yuuniyeeniin miseensa isaa ta'an kallattii imaammata bishaanii fi dhangala'aa jiru hordofuun qindoominaan fi haala walfakkaatuun akka hojjetan ni qindeessa;
3) Dhaabbilee fi Yuuniyeeniiwwan qooda fudhattota gidduutti walitti hidhamiinsi fayyaalessaa fi hariiroon hojii cimaan akka jiraatu ni hojjeta;
4) Galteewwan bishaan dhugaatii oomishuu fi babal'isuuf oolan haala sadarkaa isaa eeggateen bitamuu akka danda'amu sirna bittaa waliinii akka diriiru ni taasisa; qaama dhimmii ilaallatu waliin ta'uun bittaa ni raawwata;
5) Dhaabbilee fi Yuuniyeeniiwwan mirga qaraxa irraa bilisa ta'e fayyadamuu akka danda'an qaama dhimmii ilaallatu waliin ni hojjeta; haala ni mijeessa;
6) Waldhabdeen miseensoota Federeeshinichaa gidduutti yeroo uumame qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uun rakkoo uumame akka furamu ni taasisa;
7) Miseensota Federeeshinichaaf gorsa barbaachisu ni kenna; rakkoon humnaa olii yoo muudate gaaffii miseensotaa irratti hundaa'uun bakka bu'ee ni falma;

4) የፌዴሬሽኑ ተጠሪነት ለቢሮው ይሆናል፤
5) ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣው ደንብ የሚመሰረተው ፌዴሬሽን የህግ ሰውነት ሊያገኝ የሚችለው ቢሮው ዘንድ ሲመዘገብ ብቻ ይሆናል፡፡

## 34. የፌዴሬሽን ሥልጣንና ተግባር

ፌዴሬሽኑ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ከዩኒየን ወይም ከድርጅቶች አቅም በላይ የሆኑ ጉዳዮች እንዲፈቱ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤
2) አባሎቹ የሆኑት ድርጅቶችና ዩኒዬኖች ያለውን የውሃና ፍሳሽ ፖሊሲ በመከተል በቅንጅትና ወጥነት ባለው ሁኔታ እንዲሰሩ ያስተባብራል፤
3) በባለድርሻ ድርጅቶችና ዩኒዬኖች መካከል መልካም ትስስርና ጠንካራ የስራ ግንኙነት እንዲኖር ይሰራል፤
4) የመጠጥ ውሃ ለማምረትና ለማስፋፋት የሚውሉ ግብዓቶችን ደረጃውን በጠበቀ ሁኔታ ለመግዛት እንዲቻል የጋራ የግዢ ሥርዓት እንዲዘረጋ ያደርጋል፤ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ግዢ ይፈጽማል፤
5) ድርጅቶችና ዩኒዬኖች ከቀረጥ ነጻ መብት ተጠቃሚ እንዲሆኑ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
6) በፌዴሬሽኑ አባላት መካከል ግጭት ከተፈጠረ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን የተፈጠረው ችግር እንዲፈታ ያደርጋል፤
7) ለፌዴሬሽኑ አባላት አስፈላጊውን ምክር ይሰጣል፤ ከአቅም በላይ የሆነ ችግር ከገጠመ በአባላት ጥያቄ ላይ በመመስረት እነሱን ወክሎ ይከራከራል፤

4) Accountability of the Federation shall be to the Bureau.
5) The Federation to be established pursuant to the regulation to implement this proclamation shall acquire legal personality only if it is registered to the Bureau.

## 34. Power and Duties of Federation

The Federation shall have the following power and duties:

1) Work with concerned body for the matters beyond the power of Union or Organizations to be resolved;
2) Coordinate the Organizations and Union which are its members to work in collaboration and uniform manner by pursuing the existing water and sewage policy direction;
3) Work for the existence of a healthy interconnection and solid work relationship between the organizations and stakeholders union;
4) Causes for the establishment of joint procurement system to enable the inputs used for producing and expanding potable water be purchased in a standard way; Perform procurement in collaboration with the concerned body;
5) Work with the concerned body for the Organizations and Unions to be the beneficiaries of right of tax exemption; facilitates condition;
6) Cause the dispute that arise among members of the Federation to be resolved in collaboration with concerned bodies;
7) Provide necessary advice to the members of Federation; represent the members based on their question and conduct litigation in cases where they face problem beyond their capacity;

8) Sirna kenniinsa tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa ammayeessuuf seerotaa fi maanuwaalota garaagaraa akka qophaa'an yaada maddisiisuun Biiroof ni dhiyeessa;
9) Karoora tarsiima'aa Federeeshinichaa qopheessuun, rakkoon dhiyeessaa fi kenniinsa tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa naannichaa akka furamu taasisuuf qaamolee dhimmi ilaalu wajjiin ni hojjata;
10) Haalli deeggarsi faayinaansii yookiin deeggarsi teeknikaa itti argamu ni barbaada; akkasumas hojiiwwan Federeeshinichaa bu'aa qabeessa taasisan qopheessuun hojiiirra ni oolcha;
11) Federeeshinichi rakkolee dhiyeessa bishaan dhugaatii fi maqsa dhangala'aa furuuf warshaalee fi maashinaroota yookiin hojiiwwan ijaarsa bishaan dhugaatii fi dhangala'aa madda galii maddisiisuu danda'an irratti bobba'ee ni hojjeta;
12) Muuxannoowwan hojii biyya keessaa fi biyya alaa qindeessuu fi raawwiin hojii Federeeshinichaa fi miseensota isaa akka dabalu ni hojjeta; leenjiin akka kennamu haala ni mijeessa;
13) Dhaabbattoonni, Waldootaa fi Yuniyeennootaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran fooramiiwwanii fi waltajjiiwwan adda addaa qabaachuu akka danda'an ni taasisa;
14) Hojiiwwan biroo kaayyoo isaa galmaan gahuuf barbaachisan ni raawwata.

### Kutaa Xiqqaa Lama
### Qaamolee Bulchiinsaa Federeeshinii

**35. Gurmaa'ina Federeeshinichaa**

Federeeshiniin tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Yaa'ii Waliigalaa;
2) Boordii;
3) Hojii Gaggeessaa;
4) Hojjettoota barbaachisaa ta'an.

8) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አሰጣጥ ሥርዓትን ለማዘመን የተለያዩ ህጎችና ማኑዋሎች እንዲዘጋጁ ሀሳብ በማመንጨት ለቢሮው ያቀርባል፤
9) የፌዴሬሽኑን ስትራተጂያዊ ዕቅድ በማዘጋጀት የክልሉ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አቅርቦትና አገልግሎት አሰጣጥ ችግር እንዲፈታ ለማድረግ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሰራል፤
10) የፋይናንስና የቴክኒክ ድጋፍ የሚገኝበትን ሁኔታ ይፈልጋል፤ እንዲሁም ፌዴሬሽኑን ውጤታማ የሚያደርጉ ስራዎችን በማዘጋጀት ተግባር ላይ ያውላል፤
11) ፌዴሬሽኑ የመጠጥ ውሃ አቅርቦትና የፍሳሽ ማስወገድ ችግሮችን ለመፍታት በፋብሪካዎችና ማሽነሪዎች ወይም ገቢ በሚያመነጩ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ግንባታ ሥራዎች ላይ በመሰማራት ይሰራል፤
12) የሀገር ውስጥና የውጭ ሀገር የስራ ልምዶችን መቀመር እና የፌዴሬሽኑና አባላቱ የስራ አፈጻጸም እንዲጨምር ለማድረግ ይሰራል፤ ስልጠና እንዲሰጥ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
13) በየደረጃው ያሉት ድርጅቶች፣ ማህበራትና ዩኒየኖች የተለያዩ ፎረሞችና ስብሰባዎች እንዲኖራቸው ያደርጋል፤
14) ዓላማውን ከግብ ለማድረስ የሚያስፈልጉ ሌሎች ተግባራትን ይፈጽማል፡፡

### ንዑስ ክፍል ሁለት
### የፌዴሬሽን አስተዳደር አካላት

**35. የፌዴሬሽን አደረጃጀት**

የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ፌዴሬሽን የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

1) ጠቅላላ ጉባዔ፤
2) ቦርድ፤
3) ሥራ አስኪያጅ፤
4) አስፈላጊ ሰራተኞች፡፡

8) Initiate ideas for the issuance of various laws and manuals and submit to the Bureau with a view to modernize the potable water and sewage services provision system;
9) Work with the concerned bodies for resolving the problem of potable water and sewage services supply and provision of the region by preparing the strategic plan of the Federation;
10) Seek for ways of acquiring financial or technical assistances and prepare and implement works that make the Federation successful;
11) Engage in and perform works of factories and machineries or potable water and sewage construction works that can generate income with a view to avoid the problems of potable water supply and sewage disposal services;
12) Perform formulation of work experiences within the country and from foreign countries and work to build the work performances of the Federation and its members; Facilitate conditions for trainings to be provided;
13) Cause the Organizations, Associations and Unions found at each hierarchy to have various forums and meetings;
14) Perform other tasks essential for the attainment of its objectives.

### Section Two
### Administrative Bodies of the Federation

**35. Organizational Set-up of Federation**

The potable water and sewage services federation shall have the following organizational set-up:

1) General Assembly;
2) Board;
3) Manager;
4) Necessary staff.

**36. Yaa'ii Waliigalaa**

1) Yaa'iin Waliigalaa Federeeshinii miseensota Hojii Gaggeessaa Dhaabbataa fi Dura Taa'aa Yuuniyeenii ittifayyadamtoota naannicha keessa jiranii fi miseensa Federeeshinii ta'uun galmaa'an hunda keessaa walitti babba'aniin kan gaggeeffamu ta'a.
2) Tarreeffamni aangoo fi hojii akkasumas sirna hojimaataa yaa'ii waliigalaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**37. Boordii Federeeshinii**

1) Boordiin Federeeshinii miseensoota nama sagal qabu yaa'ii waliigalaa Federeeshinichaan kan filatamu ta'a.
2) Boordiin walitti qabaa, itti aanaa walitti qabaa fi barreessaa ni qabaata. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
3) Barri hojii miseensota Boordii fi sirni hojiirraa itti kaafaman Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**38. Aangoo fi Hojii Boordii Federeeshinii**

Boordiin Federeeshinii aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan Federeeshinichaa ol'aantummaan ni gaggeessa; ni hordofa; ni to'ata;
2) Karooraa fi baajata hojicha raawwachiisuuf qophaa'ee dhiyaatu qorachuun ni raggaasisa; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata; hojicha yeroo yeroon ni qorata;
3) Gabaasa raawwii hojii isaa qopheessee Biiroo fi yaa'ii waliigalaa Federeeshinichaaf ni dhiyeessa;
4) Yuuniyeeniwwanii fi Dhaabbileen miseensota Federeeshinichaa ta'an galii isaaniitiin akka of danda'anii fi hojiiwwan tajaajila bishaanii fi dhangala'aa fooyyessuu fi babal'isuu akka hojjetan ni jajjabeessa;

**36. ጠቅላላ ጉባዔ**

1) የፌዴሬሽኑ ጠቅላላ ጉባዔ በክልሉ ውስጥ ባሉ የድርጅት ስራ አስኪያጅና የተጠቃሚዎች ዩኒየን ሊቀመንበር በሆኑ እና የፌዴሬሽን አባል በመሆን ከተመዘገቡ ጠቅላላ አባላት ውስጥ በተውጣጡ አባላት የሚመራ ይሆናል፤
2) የጠቅላላ ጉባዔው ሥልጣንና ተግባር እንዲሁም የአሰራር ስርዓት ዝርዝር በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**37. የፌዴሬሽኑ ቦርድ**

1) ዘጠኝ አባላት ያሉት የፌዴሬሽኑ ቦርድ በፌዴሬሽኑ ጠቅላላ ጉባዔ የሚመረጥ ይሆናል፤
2) ቦርዱ ሰብሳቢ፣ ምክትል ሰብሳቢና ጸሀፊ ይኖረዋል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
3) የቦርድ አባላት የስራ ዘመን እና ከስራ የሚነሱበት ስርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**38. የፌዴሬሽን ቦርድ ሥልጣንና ተግባር**

የፌዴሬሽኑ ቦርድ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የፌዴሬሽኑን ሥራዎች በበላይነት ይመራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
2) ስራውን ለማስፈጸም ተዘጋጅቶ የሚቀርብለትን ዕቅድና በጀት በመመርመር ያጸድቃል፤ አፈጻጸሙንም ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ስራውን በየጊዜው ይገመግማል፤
3) የስራ አፈጻጸም ሪፖርቱን አዘጋጅቶ ለቢሮና ለፌዴሬሽኑ ጠቅላላ ጉባዔ ያቀርባል፤
4) የፌዴሬሽኑ አባላት የሆኑት ዩኒየኖች እና ድርጅቶች በራሳቸው ገቢ እራሳቸውን እንዲችሉ እና የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ማሻሻልና ማስፋፋት ስራዎች እንዲሰሩ ያበረታታል፤

**36. The General Assembly**

1) The General Assembly of Federation shall be managed by all members drawn from managers of organizations (organizations) and chairman of beneficiaries union in the region which are registered as member of federation.
2) Particulars of power and duties as well as the working system of the General Assembly shall be determined by the regulation to be issued.

**37. Board of Federation**

1) Board of Federation having nine members shall be selected by the General Assembly of the Federation.
2) The Board shall have chairperson, deputy chairperson and secretary. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.
3) Term of office of Board members and their removal procedure shall be determined by the regulation to be issued.

**38. Power and Duties of the Board of Federation**

The Board of Federation shall have the following power and duties:

1) Chiefly manage; follow up; control the overall activities of the Federation;
2) Review and approve the plan and budget submitted for the implementation of the duty; follow up its implementation; control;; evaluates the activity periodically;
3) Prepares its work performance report and submit to the Bureau and General Assembly of the Federation;
4) Encourage the unions and organizations that are members of federation to be self-sufficient in their income and perform upgrading and expanding the potable water and sewage service works;

5) Qabeenya Yuuniyeenii fi Dhaabbilee gurmeessuudhaanii fi deeggarsa adda addaa argamu ittifayyadamuudhaan hojiiwwan investimantii adda addaa hojii bishaanii deeggaruu danda'an irratti akka hirmaatan haala ni mijeessa;
6) Hojii gaggeessaa Federeeshinichaa ni qacara; hojiirraa ni gaggeessa;
7) Dambii ittiin bulmaata keessoo Federeeshinichaa ni mirkaneessa.

**39. Hojii Gaggeessaa Federeeshinii**

1) Hojii Gaggeessaan federeeshinichaa boordii federeeshiniitiin kan qacaramu yookiin ramadamu ta'a.
2) Sirni filannoo fi qacarrii akkasumas hojiirraa gaggeessuu hojii gaggeessaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**40. Aangoo fi Hojii, Hojii Gaggeessaa**

Hojii Gaggeessaan aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoo fi hojii bu'uura Labsii kana Keewwata 34 tiin Federeeshinichaaf kenname hojiirra ni oolcha;
2) Karoora hojii fi baajataa Federeeshinichaa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
3) Hojii Federeeshinichaa ni qindeessa; ni hoggana; ni bulcha; ni to'ata;
4) Murtii fi kallattiiwwan Boordii fi yaa'ii waliigalaatiin kennamu ni raawwata; ni raawwachiisa;
5) Gabaasa hojii fi baajataa qopheessee yeroo yeroon Boordiif ni dhiyeessa;
6) Labsii Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa irratti hundaa'ee, beekamtii Boordiitiin, hojjettoota ni qacara; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa;
7) Hojimaata haarawa adda addaa hojichaaf barbaachisan Boordiif dhiyeessee ni mirkaneessisa;

5) ዩኒየኖችን እና ማህበራት ሀብትን በማቀናጀትና የሚገኘውን የተለያየ ድጋፍ በመጠቀም የውሃ ስራን የሚደግፉ የተለያዩ የኢንቨስትመንት ስራዎች ላይ እንዲሳተፉ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤
6) የፌዴሬሽኑን ሥራ አስኪያጅ ይቀጥራል፤ ከስራ ያሰናብታል፤
7) የፌዴሬሽኑን የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ ያጸድቃል፡፡

**39. የፌዴሬሽኑ ሥራ አስኪያጅ**

1) የፌዴሬሽኑ ሥራአስኪያጅ በፌዴሬሽኑ ቦርድ የሚቀጠር ወይም የሚመደብ ይሆናል፤
2) የሥራ አስኪያጁ አመራረጥና ቅጥር እንዲሁም ከስራ የሚሰናበትበት ስርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**40. የሥራ አስኪያጁ ሥልጣንና ተግባር**

ሥራ አስኪያጁ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) በዚህ አዋጅ አንቀጽ 34 መሰረት ለፌዴሬሽኑ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባር ስራ ላይ ያውላል፤
2) የፌዴሬሽኑን የስራና በጀት ዕቅድ አዘጋጅቶ ለቦርድ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤
3) የፌዴሬሽኑን ስራ ያስተባብራል፤ ይመራል፤ ያስተዳድራል፤ይቆጣጠራል፤
4) በቦርድና በጠቅላላ ጉባዔው የሚሰጠውን ውሳኔና አቅጣጫዎች ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
5) የስራና በጀት ሪፖርት በየጊዜው በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል፤
6) በሰራተኛና አሰሪ ጉዳይ አዋጅ ላይ በመመስረት በቦርዱ ዕውቅና ሰራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ከስራ ያሰናብታል፤
7) ለስራው የሚያስፈልጉ የተለያዩ አዳዲስ አሰራሮችን ለቦርድ በማቅረብ ያስጸድቃል፤

5) Facilitate condition for unions and organizations to engage in various investment activities that can support water works by organizing properties of unions and organizations and using various supports obtained;
6) Employ and dismiss manager of the Federation;
7) Approve the internal bylaw of the Federation.

**39. Manager of the Federation**

1) Manager of the federation shall be employed or assigned by the Board of Federation;
2) The selection and employment procedure and dismissal of manager shall be determined by the regulation to be issued.

**40. Power and Duties of the Manager**

The manager shall have the following power and duties:

1) Implement the power and duties assigned to the Federation pursuant to Article 34 of this proclamation;
2) Prepare the work and budget plan of the federation and submit to the Board; implement same up on its approval;
3) Coordinate; manage; administer and control overall activities of the federation;
4) Enforce and cause enforcement of decisions and directions given by the Board and General Assembly;
5) Prepares the work and budget plan and submit to the Board periodically;
6) Based on the Labor law and under recognition of the Board, employ; administer; dismiss workers;
7) Submit to the Board various new work systems necessary for the work and cause it to be approved;

8) Herregnii fi qabeenyi Federeeshinichaa sirnaan akka qabamu ni taasisa; herreega baankii beekamtii Boordiitiin ni bana; ni sochoosa;
9) Boordiin yeroo hayyamuuf waliigaltee liqaa yookiin gargaarsaa ni mallatteessa;
10) Walqunnamtii yookiin waliigaltee qaama sadaffaa waliin taasifamu ilaalchisee Federeeshinicha bakka ni bu'a;
11) Ajandaan walgahii dursee miseensota Boordii akka gahu ni taasisa; Qaboo yaa'ii ni qaba;
12) Hojiiwwan biroo Boordiin yookiin yaa'ii waliigalaatiin yookiin Biiroodhaan kennamuuf ni raawwata.

## Kutaa Jaha
## Aangoo fi Hojii Biiroo, Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaa

### 41. Aangoo fi Hojii Biiroo

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eeggameetti ta'ee, Biiroon Labsii kana raawwachisuuf aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Tajaajilli bishaan dhugaatii fi dhangala'aa Dhaabbatni, Waldaan, Yuuniyeenii yookiin Federeeshiniin kennu akkaataa imaammata, tarsiimoo fi seerota biyyattii fi aadaa fi duudhaa hawaasaa naannichaa irratti kan hundaa'e ta'uu isaa ni hordofa, ni to'ata;
2) Dhaabbatni, Waldaan, Yuuniyeenii yookiin Federeeshiniin kenna tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa bifa ammayyaa'aa fi quubsaa ta'een akka raawwachuu danda'an deeggarsaa fi gargaarsa barbaachisu hunda ni taasisa;
3) Dhaabbatni, Waldaan, Yuuniyeenii yookiin Federeeshiniin kenna tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa hojii isaanii gahumsaan akka raawwataniif qajeelfama raawwii hojii, maanuwaalii fi istaandardii hojii ni qopheessa; ni to'ata; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

8) የፌዴሬሽኑ ሂሳብና ሀብት በአግባቡ እንዲያዝ ያደርጋል፤ በቦርዱ ዕውቅና የባንክ ሂሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሳቅሳል፤
9) ቦርዱ ሲፈቅድለት የብድር ወይም የድጋፍ ውል ይፈርማል፤
10) ከሦስተኛ ወገን ጋር የሚደረገውን ግንኙነት ወይም ስምምነት በተመለከተ ፌዴሬሽኑን ይወክላል፤
11) የስብሰባ አጀንዳ አስቀድሞ ለቦርድ አባላት እንዲደርስ ያደርጋል፤ የስብሰባውን አጀንዳ ይይዛል፤
12) በቦርዱ ወይም በጠቅላላ ጉባዔው ወይም በቢሮው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል፡፡

## ክፍል ስድስት
## የቢሮ፣ የከተማ አስተዳደርና የወረዳ ሥልጣንና ተግባር

### 41. የቢሮ ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ህጎች የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቢሮው ይህን አዋጅ ለማስፈጸም የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡

1) ድርጅቱ ፣ማህበሩ ፣ዩኒየኑ ወይም ፌዴሬሽኑ የሚሰጠው የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት በሀገሪቱ ፖሊሲ፣ ስትራተጂና ህጎች መሰረት እና በክልሉ ህብረተሰብ ባህልና ወግ ላይ የተመሰረተ መሆኑን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
2) ድርጅት፣ ማህበር፣ ዩኒየን ወይም ፌዴሬሽን የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አሰጣጥን በዘመናዊና አጥጋቢ በሆነ መልኩ ለመፈጸም እንዲችሉ አስፈላጊውን ድጋፍና እርዳታ ሁሉ ያደርጋል፤
3) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ሰጪ ድርጅት፣ ማህበር፣ ዩኒየን ወይም ፌዴሬሽን ተግባራቸውን በብቃት እንዲያከናውኑ የስራ አፈጻጸም መመሪያ፣ የስራ ማኑዋልና ስታንዳርድ ያዘጋጃል፤ ይቆጣጠራል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤

8) Cause the accounts and resources of the federation to be maintained properly; open and runs the bank accounts of the federation under recognition of the Board;
9) Sign contractual agreements of loans or assistances up on authorization of the Board;
10) Represents the Federation regarding relationships or agreements made with the third party;
11) Cause agenda of meeting to reach members of the Board in advance; take minute of the meeting;
12) Perform other activities assigned to him by the Board or General Assembly or Bureau.

## Part Six
## Power and Duties of the Bureau, City Administration and District

### 41. Power and Duties of the Bureau

Without prejudice to the power and duties legally entrusted to it, the Bureau shall have the following power and duties to implement this proclamation:

1) Follow up and control that the potable water and sewage services provided by the Organization, Association, Union or Federation to be as per the policy and strategy and laws of the country and based on the culture and custom of the society of the region;
2) Make all the necessary supports and assistances to enable the Organization, Association, Union or Federation perform the potable water and sewage services delivery in a modern and effective manner;
3) For the potable water and sewage services delivery Organization, Association, Union or Federation to execute their duties efficiently, prepare the work performance directive, manuals and standards of work; control same; follow up its implementation;

4) Qaama mootummaa fi miti-mootummaa irraa gargaarsaan, liqii fi kennaan deeggarsi qabeenyaa fi maallaqaa karaa itti argamu haala ni mijeessa;
5) Dandeettiin teeknikaa Dhaabbatichaa, Waldichaa, Yuuniyeenii yookiin Federeeshinii akka ijaaramuu fi haala yeroo wajjin akka tarkaanfatu haala ni mijeessa; ni deeggara; ni hordofa;
6) Haalli ittifayyadama qabeenyaa fi qabannaa maallaqaa Dhaabbatichaa, Waldichaa Yuuniyeenii, yookiin Federeeshinii yeroo yeroodhaan akka sakatta'amu ni taasisa; ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
7) Hojiiwwan ijaarsa dandeettii dhiyeessa tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa ni gaggeessa; deeggarsa teeknikaa fi gorsaa ni kenna;
8) Hojiiwwan qorannoo fi dizaayinii dhiyeessa bishaan dhugaatii fi dhangala'aa haaraa, fooyyessuu fi babal'isuun humna dhaabbatichaatiin yookiin Waldichaan ol ta'an akka barbaachisummaa isaaniitiin ni raawwata; ni raawwachiisa;
9) Hojiiwwan ijaarsa pirojektoota bishaan dhugaatii fi dhangala'aa baajata mootummaa yookiin liqii fi deeggarsa qaamolee birootiin adeemsifaman ni hordofa; ni to'ata; deeggarsa barbaachisu ni kenna;
10) Qulqullinni bishaan dhugaatii Dhaabbileen yookiin Waldaan bishaanii dhiyeessan sadarkaa qulqullina biyyattii kan eeggate ta'uu isaa ni hordofa; ni to'ata;
11) Dhaabbileen baasii investimantii deebisuu yookiin bakka buusuu haala dandeessisuun waggaadhaan herrega qusannoo irratti maallaqa kan kaa'u ta'uu isaa ni hordofa; ni to'ata;
12) Waliin gahiinsi bishaanii akka jiraatuuf namoota bishaan dhugaatii qulqulluu ofiin oomishanii hawaasaaf gurgurtaan dhiyeessuu barbaadaniif hayyama ni kenna;

4) የንብረትና የገንዘብ ድጋፍ ከመንግስትና መንግስታዊ ካልሆኑ አካላት በዕርዳታ፣ በብድርና በስጦታ መልክ የሚገኝበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤
5) ድርጅቱ፣ ማህበሩ፣ዩኒየኑ ወይም የፌዴሬሽኑ የቴክኒክ አቅም እንዲገነባና ከወቅቱ ጋር እንዲራመድ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይደግፋል፤ይከታተላል፤
6) የድርጅቱ፣ የማህበሩ፣ የዩኒየኑ ወይም የፌዴሬሽኑ የንብረት አጠቃቀምና የገንዘብ አያያዝ በየጊዜው እንዲመረመር ያደርጋል፤ይከታተላል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
7) የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አቅርቦት አቅም ግንባታ ስራዎችን ያካሂዳል፤ የቴክኒክና የምክር ድጋፍ ይሰጣል፤
8) ከድርጅቱ ወይም ከማህበሩ አቅም በላይ የሆኑ አዳዲስ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት አቅርቦት የምርምርና ዲዛይን፣ የማሻሻል እና የማስፋፋት ስራዎችን እንደ አስፈላጊነታቸው ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
9) በመንግስት በጀት ወይም በብድርና በሌሎች አካላት ድጋፍ የሚካሄዱ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ግንባታ ፕሮጀክቶች ስራዎችን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
10) ድርጅቶች ወይም ማህበራት የሚያቀርቡት የመጠጥ ውሃ ንጽህና የሀገሪቱን የንጽህና ደረጃ የጠበቀ መሆኑን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
11) ድርጅቶች የኢንቨስትመንት ወጪን መመለስ ወይም መተካት በሚያስችል ሁኔታ በዓመት በቁጠባ ሂሳብ ውስጥ የሚያስቀምጡ መሆናቸውን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
12) የውሃ ተደራሽነትን ለማረጋገጥ ንጹህ የመጠጥ ውሃን በማምረት በሽያጭ ለህብረተሰቡ ማቅረብ ለሚፈልጉ ሰዎች ፈቃድ ይሰጣል፤

4) Facilitate conditions whereby property and financial support can be obtained from the government and non-governmental bodies in the form of aid, loans and donations;
5) Facilitate conditions for the technical capabilities of Organization, Association, Union or Federation be built and goes with the current situation; control and follow up same;
6) Make the resources utilization and financial management condition of the Organization, Association, Union or Federation to be investigated; follow up same; extend the necessary support;
7) Conduct the potable water and sewage services provision capacity building works; provide technical and consultancy support;
8) Perform or cause to be performed research and designing works of new, upgrading and expanding potable water and sewage services provision which are beyond the capacity of the Organization or Association as may be necessary;
9) Follow up; control the construction works of potable water and sewage projects conducted by government budget or credits and support of other bodies; give necessary support;
10) Follow up; control that the purity of potable water supplied by the Organizations or Associations satisfies the purity standards of the country;
11) Follow up; control that the Organizations deposit money in to the saving account annually in a way that enables to return or replace investment costs;
12) Issue license for persons who wish to produce clean potable water and supply to the society in sale to help ensure water accessibility;

13) Caasaa fi Taariifa Dhaabbilee fi Waldaalee bishaan dhugaatii fi dhangala'aa magaalaa fi baadiyyaa qoratamee dhiyaate ni mirkaneessa;
14) Ittiwaamama isaatiin osoo hin daangeffamne raawwii hojii Dhaabbataa, Waldaa, Yuuniyeenii yookiin Federeeshinii milkeessuuf deeggarsaa fi hordoffii hojii barbaachisaa ta'e ni taasisa;
15) Gamaaggama, madaallii fi duubdeebii hojii yeroo isaa eeggate Dhaabbataaf, Waldaaf, Yuuniyeeniif yookiin Federeeshiniif ni taasisa; bakka hanqinni hojii jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.
16) Qorannoo irratti hundaa'ee qaamni Dhaabbata, Waldaa, Yuuniyeenii yookiin Federeeshinii to'achuu, hordofuu fi deeggaruun Labsii kana hojiirra oolchu Dambiidhaan akka hundeeffamu taasisuu ni danda'a.

**42. Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Magaalaa Yookiin Bulchiinsa Aanaa**

Bulchiinsi Magaalaa yookiin Aanaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Deeggarsa barbaachisaa ta'e Dhaabbataaf, Waldaaf yookiin Yuuniyeeniif ni kenna;
2) Bu'uura seeraatiin lafa ijaarsa waajjiraa yookiin ijaarsa adda addaa yookiin balfi dhangala'aan yookiin iddoo ijaarsi hojii bishaan dhugaatii itti gaggeeffamu Dhaabbataaf, Waldaaf yookiin Yuuniyeeniif ni mijeessa;
3) Hojiiwwan sarara bishaanii haaraa diriirsuu yookiin hojiiwwan ijaarsa bishaanii wajjin walqabatanii gaggeeffamuuf yookiin hojiiwwan suphaa fi meeshaalee jijjiirraa humna Dhaabbataa, Yuuniyeenii yookiin Waldaa ol ta'an baajata ramadee ni hojjachiisa;
4) Dhimmoota hojiin ijaarsa pirojektoota bishaan dhugaatii yookiin dhangala'aa Dhaabbataa, Waldaa yookiin Yuuniyeeniin akka hin hojjetamne gufuu ta'an abbummaan ni hiika;

13) ተጠንቶ የቀረበለትን የከተማና የገጠር መጠጥ ውሃና ፍሳሽ ድርጅቶችና ማህበራት መዋቅርና ታሪፍ ያጸድቃል፤
14) በተጠሪነቱ ሳይወሰን የድርጅት፣ የማህበር፣ የዩኒየን ወይም የፌዴሬሽን የስራ አፈጻጸምን ለማሳካት አስፈላጊውን የስራ ድጋፍና ክትትል ያደርጋል፤
15) ለድርጅት፣ ለማህበር፣ ለዩኒየን ወይም ለፌዴሬሽን ጊዜውን የጠበቀ የስራ ግምገማ፣ ምዘና እና ሂስ ያደርጋል፤ የስራ ጉድለት ባለበት ቦታም የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
16) በጥናት ላይ በመመስረት ድርጅት፣ ማህበር፣ ዩኒየን ወይም ፌዴሬሽኑን በመቆጣጠር፣ በመከታተል እና በመደገፍ ይህን አዋጅ ሥራ ላይ የሚያውል አካል በደንብ እንዲመሰረት ሊያደርግ ይችላል፡፡

**42. የከተማ ወይም የወረዳ አስተዳደር ሥልጣንና ተግባር**

የከተማ ወይም የወረዳ አስተዳደር የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡

1) ለድርጅት፣ለማህበር ወይም ለዩኒየን አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤
2) በህጉ መሰረት የጽህፈት ቤት መገንቢያ ወይም ለተለያዩ ግንባታዎች ወይም የፍሳሽ ቆሻሻ ማስወገጃ ወይም የመጠጥ ውሃ ስራ መገንቢያ ቦታ ለድርጅት፣ለማህበር ወይም ለዩኒየን ያመቻቻል፤
3) ከድርጅት፣ዩኒየን ወይም ከማህበር አቅም በላይ ለሆኑ ለማካሄዱ አዳዲስ የውሃ መስመር መዘርጋት ስራዎች ወይም ከውሃ ግንባታ ጋር የተያያዙ ስራዎች ወይም የጥገና እና የመለዋወጫ ዕቃዎች ስራዎችን በጀት በመመደብ ያሰራል፤
4) የድርጅት፣ማህበር ወይም የዩኒየን መጠጥ ውሃ ወይም ፍሳሽ ፕሮጀክቶች ግንባታ ስራ እንዳይሰራ እንቅፋት የሆኑ ጉዳዮችን በባለቤትነት ይፈታል፤

13) Approves the structures and tariffs of the urban and rural potable water and sewage Organizations and Associations studied and submitted to it;
14) Make the necessary work support and follow up for the success of work performances of the Organization, Association, Union or Federation without being limited to its accountability;
15) Make timely work assessment, evaluation and feedback for the Organization, Association, Union or Federation; causes corrective measure to be taken where there exists work related problems;
16) Based on research, may cause the establishment of a body that implements this proclamation through controlling, following up and supporting the Organization, Association, Union or Federation.

**42. Power and Duties of the City or District Administration**

The City or District administration shall have the following power and duties:

1) Provide necessary support for the Organization, Association or Union;
2) Prepare land to be used for construction of offices or various constructions or site construction of sewage or potable water to the Organization, Association or Union;
3) Cause new water lines laying works or works related to water constructions maintenance and spare part works which are beyond capacities of the Organization, Union or Association to be conducted by allocating budget;
4) Resolves the matters or cases obstructing the potable water or sewage projects construction works of the Organization, Association or Union;

5) Hojiiwwan babal'isuu gaggeessuu hundaaf, tajaajila bishaanii toora haaraa akkasumas hojiiwwan misoomaa adda addaa Magaalichi yookiin Aanichi gaggeessuun walqabatee dhimmoota bishaan galchuu, sarara bakka tokkorraa tokkotti naanneessuu, kan miidhame sirreessuuf baasii barbaachisu hunda danda'uu qaba.

## Kutaa Torba
## Taariifa, Sarara Diriirsuu fi Waliitti Makamiinsaa

### 43. Raawwii Kaffaltii Tajaajilaa

1) Dhaabbanni yookiin Waldaan hojiiwwan tajaajila bishaan dhugaatii dhiyeessuu fi dhangala'aa maqsuun walqabatee raawwatuuf kaffaltii barbaachisaa ta'e kaffalchiisuu qaba.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, haalli namoota murtaa'aniif kaffaltii malee tajaajila bishaan dhugaatii fi dhangala'aa argachuu itti danda'an Dambii bahuun murtaa'u ni danda'a.
3) Hammi taariifa tajaajila bishaanii yookiin dhangala'aa maanuwaalii Biiroon qorannoo irratti hundaa'ee baasuun kan murtaa'u ta'a.

### 44. Lakkooftuu Bishaanii

Ittifayyadamaan tajaajila bishaan dhugaatii Dhaabbatichaan dhiyaatu kamiiyyuu dhuunfaan yookiin gamtaan ta'un lakkooftuu bishaanii fi bishaan dhugaatii galfachuu ni danda'u.

### 45. Bishaan Dhugaatii Gurguruu yookiin Raabsuu

1) Namni kamiyyuu bishaan dhugaatii Dhaabbatichaan yookiin Waldichaan dhiyaatu gurguruu yookiin raabsuu kan danda'u beekamtii Dhaabbatichaa yookiin Waldichaatiin qofa ta'a.

5) ከተማው ወይም ወረዳው ከሚያካሄደው ማናቸውም የማስፋፋት ስራዎች፣ የአዲስ ስፍራ የውሃ አገልግሎት እንዲሁም የተለያዩ የልማት ስራዎች ጋር በተያያዘ ውሃ ለማስገባት፣መስመር ከአንድ ቦታ ወደ ሌላ ለማዛወር፣ የተጎዳውን ለመጠገን ጉዳዮች የሚያስፈልገውን ወጪ በሙሉ መሸፈን አለበት፡፡

## ክፍል ሰባት
## ታሪፍ፣መስመር መዘርጋት እና መዋሀድ

### 43. የአገልግሎት ክፍያ አፈጻጸም

1) አንድ ድርጅት ወይም ማህበር ከመጠጥ ውሃ አቅርቦት እና ከፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት ጋር በተያያዘ ለሚሰራቸው ሥራዎች አስፈላጊውን ክፍያ ማስከፈል አለበት፤
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የተወሰኑ ሰዎች ያለክፍያ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ሊያገኙ የሚችሉበት ሁኔታ በሚወጣው ደንብ ሊወሰን ይችላል፤
3) የመጠጥ ውሃ ወይም ፍሳሽ አገልግሎት ታሪፍ መጠን ቢሮው በጥናት ላይ ተመስርቶ በሚያወጣው ማኑዋል የሚወሰን ይሆናል፡፡

### 44. የውሃ ቆጣሪ

ማንኛውም በድርጅቱ የሚቀርብ የመጠጥ ውሃ አገልግሎት ተጠቃሚ በግል ወይም በጋራ በመሆን የውሀ ቆጣሪ እና የመጠጥ ውሀ ሊያስገባ ይችላል፡፡

### 45. የመጠጥ ውሃ መሸጥ ወይም ማከፋፈል

1) ማንኛውም ሰው በድርጅቱ ወይም በማህበሩ የሚቀርበውን የመጠጥ ውሃ መሸጥ ወይም ማከፋፈል የሚችለው በድርጅቱ ወይም በማህበሩ ዕውቅና ብቻ ይሆናል፤

5) In connection with conducting all expansion works, new areas water services and various development works that the city or district conducts it shall cover all costs necessary for issues of introducing water, transferring water lines from one place to another and maintaining the damaged one.

## Part Seven
## Tariff, Installation of Lines and Amalgamation

### 43. Service Fee

1) The Organization or Association shall collect the fee necessary for the works it performs in connection with supplying potable water and sewage disposal services;
2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this Article, the condition in which few persons may obtain potable water and sewage services without payment may be determined by the regulation to be issued;
3) The rate of tariff of water or sewage service may be determined by the manual issued by the Bureau based on research.

### 44. Water Meter

Any beneficiary of potable water services supplied by the Organization may install water mater and potable water privately or being in association.

### 45. Selling or Distributing Potable Water

1) Any person may sell or distribute potable water supplied by the Organization or Association only under recognition of the Organization or Association;

2) Dhaabbatichi yookiin Waldichi nama lakkooftuu bishaanii qabuu fi bishaan gurguruuf yookiin raabsuuf gaafatu barbaachisaa ta'ee yoo argame gatii madaalawaa fi murtaa'aa ta'een akka gurguruu yookiin raabsu hayyamuufii ni danda'a.
3) Dhaabbatichi yookiin Waldichi gatii madaalaawaa gurgurtaan bishaanii itti raawwatu hawaasaaf beeksisuu qaba.
4) Haalli raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi 3 Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**46. Qabiyyee Nama Biroo Irratti Sarara Bishaanii fi Dhangala'aa Diriirsuu**

1) Dhaabbatni yookiin Waldaan qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uun qabiyyee lafa nama kamiinuu qabame keessa sarara bishaanii fi dhangala'aa diriirsuu yookiin hojiiwwan misooma bishaanii fi dhangala'aa biroo raawwachuu ni danda'a.
2) Namni kamiyyuu qabiyyee lafaa isaa irratti sararri bishaanii fi dhangala'aa akka diriirfamuu yookiin hojiiwwan misooma bishaanii fi dhangala'aa biroo akka raawwatamu yeroo barbaadamuu fi qaama aangoo qabuun yeroo gaafatamu sababni gahaan yoo jiraate malee akka hin raawwatamne dhorkuu hin danda'u.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee abbaan qabiyyichaa, sararri bishaanii diriirfamu qabiyyee isaa irratti miidhaa kan geessisu yookiin mirga ittifayyadama qabiyyee isaa kan hir'isu yookiin kan hambisu yoo ta'e bu'uura seera rogummaa qabuutiin beenyaan akka kaffalamuuf gaafachuu ni danda'a.

2) ድርጅቱ ወይም ማህበሩ የውሃ ቆጣሪ ያለውና የመጠጥ ውሃ ለመሸጥ ወይም ለማከፋፈል ለሚጠይቅ ሰው አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ በተመጣጣኝና በተወሰነ ዋጋ እንዲሸጥ ወይም እንዲያከፋፍል ሊፈቅድለት ይችላል፤
3) ድርጅቱ ወይም ማህበሩ ውሃ የሚሸጥበትን ተመጣጣኝ ዋጋ ለህብረተሰቡ ማሳወቅ አለበት፤
4) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 እና 3 አፈጻጸም ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**46. በሌላ ሰው ይዞታ ላይ የውሃ እና ፍሳሽ መስመር መዘርጋት**

1) ድርጅቱ ወይም ማህበሩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን በማንኛውም ሰው በተያዘ የመሬት ይዞታ ላይ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ መስመር ሊዘረጋ ወይም ሌሎች የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ልማት ስራዎችን ሊያካሄድ ይችላል፤
2) ማንኛውም ሰው በመሬት ይዞታው ላይ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ መስመር እንዲዘረጋ ወይም ሌሎች የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ልማት ስራዎች እንዲካሄዱ በሚፈለግበት እና ስልጣን ባለው አካል በሚጠየቅበት ጊዜ በቂ ምክንያት ከሌለ በስተቀር እንዳይካሄድ መከልከል አይችልም።
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የይዞታው ባለቤት የሚዘረጋው የውሃ መስመር በይዞታው ላይ ጉዳት የሚያደርስ ወይም ይዞታውን የመጠቀም መብቱን የሚቀንስ ወይም የሚያስቀርበት ከሆነ አግባብነት ባለው ህግ መሰረት ካሳ እንዲከፈለው ሊጠይቅ ይችላል።

2) The Organization or Association may permit to person who has water meter and requests to sell or distribute potable water to sell or distribute in a reasonable and fixed price where found necessary;
3) The Organization or Association shall notify to the society the reasonable price that the sale of water is performed;
4) Implementation particulars of sub article 2 and 3 of this article shall be determined by the regulation to be issued.

**46. Installation of Water and Sewer Lines on Other Person's Possession**

1) The Organization or Association may, in collaboration with concerned body install water and sewer lines or performs other water and sewage development works in the land possessed by any person;
2) Any person shall not resist where it is required to install water and sewage lines or to perform other water and sewage development works on his land possession and he is requested by the authorized body unless there is sufficient reason;
3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the possessor may claim compensation payment pursuant to the appropriate law if the water and sewage line extended can cause harm on his possession or reduces or omits his right of utilizing his possession.

**47. Daandii Guddaa Irratti Sarara Bishaanii yookiin Dhangala'aa Diriirsuu**

1) Dhaabbatichi haalli ariifachiisaan yoo isa qunname malee daandii guddaa irratti ujummoo bishaanii yookiin dhangala'aa diriirsuu yoo barbaade baatii sadiin dura qaama dhimmi ilaalu barreeffamaan gaafatee hayyama argachuu qaba. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumamee jiraatullee, Dhaabbatichi qaamni hayyama gaafatamu yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti yoo deebii kennuu baate gaaffiin isaa fudhatama akka argatetti lakkaa'ee hojiitti galuu ni danda'a.
3) Sararri bishaanii yookiin dhangala'aa diriirfamuu karaa kan qaxxaamuru yoo ta'e, baasii xiqqaadhaan akka raawwatamu qoratamee kan raawwatamuu qabu ta'ee miidhaa daandicharra gahu suphuuf baasii barbaachisu Dhaabbatichi ni uwwisa.
4) Qaamni kamiiyyuu hojiin ijaarsa misooma bu'uuraa magaalaa yookiin baadiyyaa keessatti gaggeessu sarara bishaanii kan tuqu yoo ta'e dhaabbata yookiin waldaa dhimmi ilaaluu beeksisuu fi hayyama argachuu qaba.

**48. Dhaabbaticha yookiin Waldicha Walitti Makuu**

1) Biiroon Dhaabbileen yookiin Waldaaleen ittifayyadamtootaa lamaa fi isaa ol ta'an kenna tajaajilaa ummataa dabaluu fi rakkoo bulchiinsa gaarii hiikuu ni danda'a jedhee yoo itti amane qorannoo irratti hundaa'ee akka walitti makaman murteessuu ni danda'a.
2) Dhaabbanni yookiin Waldaan ittifayyadamtootaa yeroo walitti makaman mirgaa fi dirqamni isaanii gara Dhaabbata yookiin Waldaa haaraa uumameetti kan darbu ta'a.

**47. ዋና መንገድ ላይ የውሃ ወይም የፍሳሽ መስመር መዘርጋት**

1) ድርጅቱ በአውራ መንገድ ላይ የውሃ ወይም የፍሳሽ መስመር መዘርጋት ከፈለገ አስቸኳይ ሁኔታ ካላጋጠመው በስተቀር ከሶስት ወር በፊት ጉዳዩ የሚመለከተውን አካል በጽሁፍ ጠይቆ ፈቃድ ማግኘት አለበት፤ ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፣ ፈቃድ የሚጠየቀው አካል በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው ጊዜ ውስጥ መልስ ካልሰጠ ድርጅቱ ጥያቄው ተቀባይነት እንዳገኘ በመቁጠር ወደ ስራ ሊገባ ይችላል::
3) የሚዘረጋው የውሃ ወይም የፍሳሽ መስመር መንገድ የሚያቋርጥ ከሆነ፣ በአነስተኛ ወጪ እንዲፈጸም ተጠንቶ መሰራት ያለበት ሆኖ፣ በመንገዱ ላይ የሚደርሰውን ጉዳት ለመጠገን የሚወጣውን ወጪ ድርጅቱ ይሸፍናል::
4) ማንኛውም አካል በከተማ ወይም በገጠር ውስጥ የሚያካሄደው መሰረተ ልማት ስራ የውሃ ወይም የፍሳሽ መስመርን የሚነካ ከሆነ ጉዳዩ ለሚመለከተው ድርጅት ወይም ማህበር ማሳወቅና ፈቃድ ማግኘት አለበት።

**48. ድርጅት ወይም ማህበርን ማዋሀድ**

1) ቢሮው የህዝብ አገልግሎት አሰጣጥን ለመጨመር እና የመልካም አስተዳደር ችግርን ለመፍታት ያስችላል ብሎ ካመነበት፣ በጥናት ላይ በመመስረት ሁለት እና ከዚያ በላይ የሆኑ ድርጅቶች ወይም የተጠቃሚዎች ማህበራት እንዲዋሀዱ ሊወስን ይችላል::
2) ድርጅቶች ወይም የተጠቃሚዎች ማህበራት በሚዋሀዱበት ጊዜ፣መብትና ግዴታዎቻቸው አዲስ ወደ ተፈጠረው ድርጅት ወይም የተጠቃሚዎች ማህበር የሚተላለፍ ይሆናል::

**47. Installation of Water or Sewer Lines on Big Road.**

1) The Organization needs to install water or sewer lines on a big roads, it shall apply to concerned body in writing and acquire consent before three months unless it faces circumstance of urgency. Its particulars shall be determined by the regulation to be issued.
2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, if the licensing body fail to respond within the time provided under sub article 1 of this article, the Organization may commence its operation considering that its application has been accepted;
3) If the water or sewage line to be extended crosses the road, it shall be studied to be performed in cost effective manner; and the Organization shall cover the cost necessary for maintaining the destruction caused on such road;
4) Anybody shall inform to the concerned Organization or Association and obtain consent if the construction of infrastructure development works it conducts in the urban or rural areas jeopardizing the water or sewage lines.

**48. Amalgamation of the Organization or Association**

1) The Bureau may, based on research decide for two and more beneficiaries' Organizations or Associations to be amalgamated if it believes that it helps to increase the service provision of the people and solve the problems of good governance;
2) When the beneficiaries' Organizations or Associations are amalgamated, their rights and obligations shall be transferred to the newly formed Organization or Association;

3) Dhaabbanni yookiin Waldaan ittifayyadamtootaa yeroo walitti makaman maqaa tokko ni moggaafatu; maqaa moggaafamees Biiroon ni mirkaneessa; ni galmeessa.
4) Sirni bulchiinsa Dhaabbata yookiin Waldaa Ittifayyadamtootaa bu'uura Keewwata kanaan walitti makaman Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**49. Diigamiinsa Dhaabbata, Waldaa, Yuuniyeenii yookiin Federeeshinii**

Dhaabbatni, Waldaan, Yuuniyeeniin yookiin Federeeshiniin sababoota adda addaatiin kan diigamu yoo ta'e, qabeenyi isaa bu'uura Labsii kanaatiin qabeenya mootummaa ta'a.

**Kutaa Saddeet**

**Eegumsaa fi Kunuunsa Madda Bishaanii fi Qabeenyicha Kabachiisuu**

**50. Eegumsa Sarara Bishaanii fi Dhangala'aa**

1) Hojiin sarara bishaanii yookiin dhangala'aa kamiiyyuu eegumsi barbaachisaa ta'e taasifamuufii qaba. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
2) Namni kamiyyuu bishaan dhugaatii bakka mana isaatti seeraan ala akka hin dhangalaane eegumsa gochuu qaba; bishaan dhangala'aa jiraachuu yammuu argu Dhaabbaticha yookiin Waldicha beeksisuu qaba.

**51. Bakka Argama Bishaanii fi Naannawa isaa Bulchuu fi Kunuunsuu**

Dhaabbanni yookiin Waldaan bishaan dhugaatii fi dhangala'aa kamiiyyuu mirgaa fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Iddoo argama madda bishaanii bulchuu, kunuunsuu fi sirnaan qabachuu fi biqiltoota gabbina madda bishaanitiif gargaaran naannawa madda bishaaniitti dhaabuu;

3) ድርጅቶች ወይም የተጠቃሚዎች ማህበራት በሚዋሀዱበት ጊዜ አንድ ስም ይሰይማሉ የተሰየመውን ስም ቢሮው ያረጋግጣል፤ ይመዘግባል።
4) በዚህ አንቀጽ መሰረት የተዋሐደው ድርጅት ወይም የተጠቃሚዎች ማህበር አስተዳደር ሥርዓት በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**49. የድርጅት፣ ማህበር፣ ዩኒየን ወይም ፌዴሬሽን መፍረስ**

አንድ ድርጅት፣ማህበር፣ ዩኒየን ወይም ፌዴሬሽን በተለያዩ ምክንያቶች የሚፈርስ ከሆነ፣ ንብረቱ በዚህ አዋጅ መሰረት የመንግስት ንብረት ይሆናል፡፡

**ክፍል ስምንት**

**የውሃ ምንጭ ጥበቃና እንክብካቤ እና ሀብቱን ማስከበር**

**50. የውሃና ፍሳሽ መስመር ጥበቃ**

1) ማንኛውም የመጠጥ ውሃ ወይም ፍሳሽ መስመር ስራ አስፈላጊው ጥበቃ ሊደረግለት ይገባል፤ የአፈጻጸም ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
2) ማንኛውም ሰው በቤቱ አካባቢ የመጠጥ ውሃ በህገወጥ መንገድ እንዳይፈስ ጥበቃ ማድረግ አለበት፤ ውሃ እየፈሰሰ መሆኑን በሚያይበት ጊዜ ለድርጅቱ ወይም ለማህበሩ ማሳወቅ አለበት፡፡

**51. የውሃ መገኛ ቦታን እና አካባቢውን ማስተዳደርና መንከባከብ**

ማንኛውም የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ድርጅት ወይም ማህበር የሚከተለው መብትና ሀላፊነት ይኖረዋል፦

1) የውሃ ምንጭ መገኛ ቦታን ማስተዳደር፣ መንከባከብ እና በአግባቡ መያዝ እንዲሁም ለውሃ ምንጭ መጎልበት የሚረዱ ተክሎችን በውሃ ምንጩ አካባቢ መትከል፤

3) When the beneficiaries' Organizations or Associations are amalgamated, they shall designate one specific name; and the Bureau shall approve and register such designated name;
4) The administrative system of the beneficiaries' Organization or Association amalgamated in accordance with this article shall be determined by the directive to be issued.

**49. Dissolution of Organization, Association, Union or Federation**

Where an Organization, Association, Union or Federation dissolves for various reasons, its property shall become property of the government in accordance with this proclamation.

**Part Eight**

**Protection and Nurturing of Water Source and Securing the Resource**

**50. Protection of Water and Sewer Lines**

1) Necessary protection shall be made for any water or sewer lines activity. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.
2) Any person shall protect the potable water around his home from spilling illegally; He shall inform the Organization or Association in cases he notices the water spilling.

**51. Administering and Nurturing Water bases and its Surrounding**

Any potable water and sewage Organization or Association shall have the following rights and responsibility:

1) Administering, nurturing and properly maintaining of water source bases and planting plants that help for enrichment of water source around it;

2) Ragaa abbaa qabiyyummaa madda bishaanii qabaachuu; qaamni dhimmi ilaalu hundi dhaabbatichi yookiin waldichi hayyama abbaa qabiyyummaa madda bishaanii akka qabaatu deeggarsa barbaachisaa kennuufii qaba;
3) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun daangaa madda bishaanii daangeessee qabachuu;
4) Naannawa madda bishaanii daangeeffameetti biqiloota bishaan gogsan akka hin dhaabamne dhorkuu; fi
5) Naannawa madda bishaanii daangeeffameetti biqiltoota mancaasuu, muruu, ijaarsa adda addaa akka hin gaggeefamne dhorkuu qaba.

**52. Qabiyyee Dhaabbata yookiin Waldaa Bishaan Dhugaatii Kabachiisuu**

1) Tajaajila buufata bishaanii boonoodhaan raabsamuuf oolu ijaaruuf lafti ummataaf giddugaleessa ta'e filatamee bal'inni isaa Dambii bahuun murtaa'u kabajamee eegamuu qaba.
2) Bakki maddi bishaanii argamuu danda'u qorannoo ogeessaa irratti hundaa'ee daangeffame taa'uu qaba.
3) Ijaarsi kamiiyyuu nageenyaa fi qulqullina bishaanii eeguun akka danda'amu akkasumas babal'isuuf akka tolu buufataalee bishaanii irraa fagaachuu qaba.
4) Ijaarsi naannawa manneen jireenyaatti raawwatamu kamiiyyuu haala sochii konkolaattota balfa kaasanii hin ittifneen ta'uu qaba. Bulchiinsi magaalaa kana mirkaneessuuf dirqama qaba.
5) Bakki dhangala'aan itti calalamuu fi gatamu kunuunsa adda ta'een eegamuu fi daangaan isaas seeraan kabajamee turuu qaba. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

2) የውሃ ምንጭ ባለይዞታነት ማስረጃ ያለው፤ ጉዳዩ የሚመለከተው አካል ሁሉ ድርጅቱ ወይም ማህበሩ የውሃ ምንጭ ባለይዞታነት ፈቃድ እንዲኖረው አስፈላጊውን ድጋፍ መስጠት አለበት፤
3) ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን የውሃ ምንጭ ክልልን ከልሎ መያዝ፤
4) በተከለለው የውሃ ምንጭ አካባቢ ውሃን የሚያደርቁ ተክሎች እንዳይተከሉ መከልከል፤ እና
5) ከተከለለው የውሃ ምንጭ አካባቢ ተክሎችን ማውደም፣ መቁረጥን እና የተለያዩ ግንባታዎች እንዳይካሄዱ መከልከል አለበት፡፡

**52. የመጠጥ ውሃ ድርጅት ወይም ማህበር ይዞታን ማስከበር**

1) ስፋቱ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን የመጠጥ ውሃን በቦኖ ማከፋፈያ አገልግሎት ለመገንባት የሚውል መሬት ለህዝቡ ማዕከል በሆነ ስፍራ በመምረጥ ተከብሮ መጠበቅ አለበት::
2) የምንጭ ውሃ ሊገኝ የሚችልበት ሥፍራ በባለሙያ ጥናት ላይ በመመስረት ተከልሎ መቀመጥ አለበት::
3) ማንኛውም ግንባታ የውሃን ደህንነትና ንጽህና መጠበቅ እንዲቻል እንዲሁም ለማስፋፋትም እንዲያመች ከውሃ ጣቢያዎች መራቅ አለበት፤
4) በመኖሪያ ቤቶች አካባቢ የሚካሄድ ማንኛውም ግንባታ ቆሻሻ የሚያነሱ ተሽከርካሪዎች እንቅስቃሴን በማያውክ ሁኔታ መሆን አለበት፡፡ የከተማ መስተዳድሩ ይህን የማረጋገጥ ግዴታ አለበት::
5) ፍሳሽ የሚጣራበትና የሚወገድበት ስፍራ በተለየ እንክብካቤ መጠበቅና ድንበሩም በህግ ተከብሮ መቆየት አለበት፡፡ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

2) To have water source possessory evidence; all concerned body shall make necessary support for the Organization or Association to have water source possessory license;
3) To enclose and control the water source border in collaboration with concerned body;
4) Preventing the plant that dries out water from being planted surrounding the enclosed water source;
5) To prevent the destruction and cutting of plants and conducting various constructions around the enclosed water source.

**52. Securing Possession of Potable Water Organization or Association**

1) The land to be used for construction of water distribution station situated at the center to the people which its size be determined by the regulation to be issued shall be selected and secured;
2) An area where water source may be found shall be enclosed and kept based on professional research;
3) Any construction shall be far from water stations to the extent that it is possible to maintain the safety and purity of water as well as suitable for expanding activity;
4) Any construction around the residential houses shall be conducted in a way that does not avert the movement of vehicles carrying away wastes; the city administration is under duty to ensure implementation of this rule;
5) Liquid treatment and disposal area shall be maintained with a special care and its boundary shall also be legally protected. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.

**53. Gosa Tajaajilaa Ittifayyadamni Bishaanii Hayyamamu**

1) Daangeeffamni ittifayyadama bishaanii irratti seerota rogummaa qabuun taasifamu akkuma eegameetti ta'ee, tajaajilli bishaan dhugaatii qulqullina qabu kan hayyamamu tajaajila armaan gadiitiif qofa ta'a:

(a) Tajaajila mana keessaa fi biqiltuuwwan kunuunsuu, guddisuu fi tajaajiloota kana fakkaataniif;

(b) Industirii, ijaarsa xixiqqaa fi hojiiwwan daldalaa birootiif;

(c) Balaa ibiddaa ittisuu fi dhaamsuuf;

(d) Bakka daawwannaa fi tamsaasa magaalaa keessaatiif;

(e) Beeyiladaa fi lukkuu horsiisuu fi hojii misooma horii aannaniif.

2) Haalli raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**54. Bishaan Dhugaatii Kuusuu**

Namni kamiyyuu bishaan dhugaatii meetir kiyuubii Dhaabbanni yookiin Waldaan isaaf hayyamameen olitti kuusuu hin danda'u. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**55. Tajaajila Dhangala'aa Maqsuu**

1) Dhaabbileen yookiin Waldaan bishaan dhugaatii fi dhangala'aa magaalaa yookiin baadiyyaa, deeggarsa qaamolee dhimmi ilaallatu irraa godhamuufiin yookiin tattaaffii ofiitiin hojii kenna tajaajila dhangala'aa maqsuu raawwachuu ni danda'u.

2) Bulchiinsi Magaalaa galteewwan hojii dhangala'aa maqsuuf oolan kanneen akka konkolaataa dhangala'aa geejjibsiisuuf gargaaru qopheessuuf ittigaafatamummaa qaba.

3) Bulchiinsi Magaalaa yookiin Gandi baadiyyaa lafa hojiiwwan ijaarsaa dhangala'aa qulqulleessuu fi kuusuuf oolu akkasumas lafa tajaajila dhangala'aan itti calalamuu fi gatamuuf oolu qopheessuun Dhaabbatichaaf yookiin Waldichaaf kennuu qaba.

**53. የሚፈቀደው የውሃ አጠቃቀም አገልግሎት ዓይነት**

1) በውሃ አጠቃቀም ላይ አግባብነት ባላቸው ህጎች የሚደረገው ገደብ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ጥራት ያለው የመጠጥ ውሃ አገልግሎት የሚፈቀደው ለሚከተለው አገልግሎት ብቻ ይሆናል፦

(ሀ) ለቤት ውስጥ አገልግሎት እና ተክሎችን ለመንከባከብ፣ ለማሳደግና ለመሳሰሉ አገልግሎቶች፤

(ለ) ለኢንዱስትሪ፣ትናንሽ ግንባታዎችና ሌሎች የንግድ ስራዎች፤

(ሐ) የእሳት አደጋን ለመከላከልና ለማጥፊያ፤

(መ) ለጉብኝት ስፍራና ለከተማ ውስጥ ስርጭት፤

(ሠ) ለከብትና ዶሮ እርባታ እና ለወተት ከብቶች ልማት ሥራ።

2) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 አፈጻጸም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**54. የመጠጥ ውሃ ማጠራቀም**

ማንኛውም ሰው ድርጅቱ ወይም ማህበሩ ከፈቀደለት ኩቢክ ሜትር በላይ የመጠጥ ውሃ ማጠራቀም አይችልም፤ ዝርዝር አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**55. የፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት**

1) የከተማ ወይም የገጠር የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ ድርጅቶች ወይም ማህበራት ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት በሚደረግላቸው ድጋፍ ወይም በራሳቸው ጥረት የፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት አሰጣጥ ስራ ሊሰሩ ይችላሉ፤

2) የከተማ አስተዳደሩ ለፍሳሽ ማስወገድ ስራ የሚውሉ ግብዓቶችን እንደ ፍሳሽ ቆሻሻን ለማጓጓዝ የሚረዱ ተሽከርካሪዎችን የማዘጋጀት ሀላፊነት አለበት፤

3) የከተማ አስተዳደሩ ወይም የገጠር ቀበሌው ፍሳሽ ለማጽዳትና ለማጠራቀም ስራዎች ግንባታ የሚውል መሬት እንዲሁም ለፍሳሽ ማጣሪያና ማስወገጃ አገልግሎት የሚውል መሬት በማዘጋጀት ለድርጅቱ ወይም ለማህበሩ መስጠት አለበት።

**53. Types of Services for Which Water Utilization is Permitted**

1) Without prejudice to the limitation on water utilization by appropriate laws, pure potable water service shall be permitted only for the following services:

(a) For household services and for nurturing and growing plants and similar services;

(b) For industry, smaller constructions and other business activities;

(c) Fire disaster prevention and extinguish purposes;

(d) For exhibition area and distribution in the city;

(e) For livestock husbandry and poultry and dairy animals development activity.

2) Implementation particulars of sub article 1 of this article shall be determined by the regulation to be issued.

**54. Storing Potable Water**

Any person shall not store potable water beyond the cubic meter allowed for him by the organization or association. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.

**55. Sewage Disposal Service**

1) The urban or rural potable water and sewage Organizations or Associations may engage in sewage disposal service provision activity with the support made to them from concerned bodies or in their own efforts;

2) The city administration is responsible to make ready the work inputs used for sewage disposal activity like sewage transporting vehicle;

3) The city administration or rural kebele shall prepare land used for construction of sewage treatment and storage as well as land used for treatment and disposal of sewage services and hand over to the Organization or Association.

## Kutaa Sagal
## Sirna Bulchiinsa Galii, Maallaqaa fi Qabeenyaa

### 56. Madda Galii Dhaabbataa yookiin Waldaa

1) Dhaabbatni yookiin Waldaan ittifayyadamtootaa galii mataa isaatiin bula.
2) Maddi galii Dhaabbatichaa yookiin Waldichaa kan armaan gadii irraa ta'a:
(a) Gurgurtaa bishaan dhugaatii fi hojiiwwan tajaajila dhangala'aa maqsuu irraa argamu;
(b) Kiraa lakkooftuu bishaanii irraa argamu;
(c) Kaffaltii kenniinsa tajaajila teeknikaa bishaan dhugaatii fi hojiiwwan tajaajila dhangala'aa maqsuu irraa argamu;
(d) Maallaqa yookiin qabeenya bifa kennaa yookiin gargaarsatiin argamu;
(e) Gatii kiraa maashinarii yookiin gamoo, galma, kuusaalee meeshaa fi qabeenya isaa kan biroo irraa argamu;
(f) Maallaqa gurgurtaa qabeenya yeroo tajaajila isaanii xumuran irraa argamu;
(g) Galii hojiiwwan investimantii addaa addaa irraa argamu;
(h) adabbii qaamota seera cabsanii argaman irratti fudhatamu irraa galu;
(i) Gurgurtaa meeshaalee hojii bishaanii fi dhangala'aa irraa;
(j) Galii maddoota biroo kamiiyyuu irraa argamu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, tajaajiloota bishaan dhugaatii fi dhangala'aa hundeessuu fi babal'isuuf mootummaan naannichaa yookiin bulchiinsi Magaalaa yookiin bulchiinsi Aanaa haala humna isaanii qoratee deeggarsa barbaachisaa ta'e gochuufii ni danda'a.

## ክፍል ዘጠኝ
## የገቢ፣የገንዘብና የንብረት አስተዳደር ሥርዓት

### 56. የድርጅት ወይም ማህበር የገቢ ምንጭ

1) ድርጅት ወይም የተጠቃሚዎች ማህበር በራሱ ገቢ ይተዳደራል::
2) የድርጅቱ ወይም ማህበሩ የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት ይሆናል፡-
(ሀ) ከመጠጥ ውሃ ሽያጭና ከፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት ስራዎች የሚገኝ ገቢ፤
(ለ) ከውሃ ቆጣሪ ኪራይ የሚገኝ፤
(ሐ) ከመጠጥ ውሃ የቴክኒክ አገልግሎት አሰጣጥ እና ከፍሳሽ ማስወገድ አገልግሎት ስራዎች የሚገኝ ክፍያ፤
(መ) በስጦታ ወይም በእርዳታ መልክ የሚገኝ ገንዘብ፤
(ሠ) ከማሽነሪ ወይም ህንጻ፣ አዳራሽ፣ ከዕቃ መጋዘን እና ሌሎች ንብረቶች ኪራይ ዋጋ የሚገኝ፤
(ረ) የአገልግሎት ጊዜያቸውን ከጨረሱ ንብረቶች ሽያጭ የሚገኝ ገንዘብ፤
(ሰ) ከተለያዩ ኢንቨስትመንት ስራዎች የሚገኝ ገቢ፤
(ሸ) ህግ በተላለፉ አካላት ላይ ከሚወሰን ቅጣት የሚገባ ገቢ፤
(ቀ) ከውሃና ፍሳሽ ስራ መሳሪያዎች ሽያጭ የሚገኝ ገቢ፤
(በ) ከሌሎች ማንኛውም ምንጮች የሚገኝ ገቢ ይሆናል፡፡
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ስር የተደነገገው ቢኖርም፣ የውሃና ፍሳሽ አገልግሎቶችን ለመመስረትና ለማስፋፋት የክልሉ መንግስት ወይም የከተማ አስተዳደሩ ወይም የወረዳ አስተዳደሩ የአቅማቸውን ሁኔታ በማጥናት አስፈላጊውን ድጋፍ ሊያደርግላቸው ይችላል፡፡

## Part Nine
## Income, Finance and Resources Administration System

### 56. Source of Income of the Organization or Association

1) The beneficiaries' Organization or Association shall be administered in its own income;
2) Source of income of the Organization or Association shall be from the following:
(a) From sale of potable water and sewage disposal activities;
(b) From rental of water meter;
(c) Income obtained from payment of technical service provision for potable water and sewage disposal activities;
(d) From money or property obtained in the form of donation or aid;
(e) From rental prices of machineries or building, halls, warehouses and other properties;
(f) Money obtained from sale of properties completed their term of service;
(g) Income obtained from various investment activities;
(h) Income from penalty imposed on bodies that breach laws;
(i) From sale of water and sewage work materials;
(j) Income obtained from any other sources.
3) Notwithstanding to the provision under sub article 2 of this article, with a view to establish and expand the potable water and sewage services, the regional government or city administration or district administration may provide them necessary support via assessing their capacities.

**57. Madda Galii Yuuniyeenii yookiin Federeeshinichaa**

Maddi galii Yuuniyeenii yookiin Federeeshinichaa kan armaan gadii irraa ta'a:

1) Buusii miseensaa irraa walitti qabamu irraa;
2) Maallaqa deeggarsaan, gargaarsaan yookiin kennaadhaan qaama adda addaa irraa;
3) Gurgurtaa meeshaalee hojii bishaanii fi dhangala'aa irraa;
4) Hojiiwwan investimantii addaa addaa gaggeessuu irraa; fi
5) Galii maddoota biroo kamiiyyuu irraa argamu ta'a.

**58. Ittifayyadamaa fi Sirna Bulchiinsa Maallaqaa fi Galmee Herregaa**

1) Dhaabbatni, Waldaan, Yuuniyeeniin yookiin Federeeshiniin galii bu'uura Labsii kana Keewwata 56 fi 57 tiin funaanu kaayyoo karoorfameef oolchuu qaba.
2) Dhaabbatni yookiin Waldaan sirna baasiiwwan investimantiif bahan deebisisuuf diriire hordoofuudhaan lakkoofsa herregaa dhimma kanaaf banamu irratti waggaa waggaan galii taasisuu qaba. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
3) Dhaabbatni, Waldaan, Yuuniyeeniin yookiin Federeeshiniin galii funaanamu herrega baankii maqaa isaatiin baname irratti galii taasisuu qaba.
4) Dhaabbatichi yookiin Waldichi galmeewwan herregaa sirrii fi guutuu ta'e ni qabaata.
5) Baay'ina maallaqaa sochii guyyaatiif oolu Qajeelfama Boordiin yookiin Waldaan baasuun kan murtaa'u ta'a.
6) Qaamni kamiyyuu baajata dhaabbilee yookiin Waaldaa bishaanii kaayyoo dhaabbatichaatiin alatti tajaajila birootiif akka oolu taasisuuf aangoo hin qabu.

**57. የዩኒየኑ ወይም የፌዴሬሽኑ የገቢ ምንጭ**

የዩኒየኑ ወይም የፌዴሬሽኑ የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት ይሆናል፡-

1) ከአባላት መዋጮ የሚሰበሰብ ገቢ፤
2) በድጋፍ፣ በእርዳታ ወይም በስጦታ መልክ ከተለያዩ አካላት የሚገኝ ገንዘብ፤
3) ከውሃና ፍሳሽ ስራ መሳሪያዎች ሽያጭ የሚገኝ ገቢ፤
4) የተለያዩ ኢንቨስትመንት ስራዎች በማካሄድ የሚገኝ ገቢ፤ እና
5) ከሌሎች ማንኛውም ምንጮች የሚገኝ ገቢ ይሆናል።

**58. የገንዘብ እና የሒሳብ መዝገብ አጠቃቀምና አስተዳደር ሥርዓት**

1) ድርጅቱ፣ ዩኒየኑ፣ ማህበሩ ወይም ፌዴሬሽኑ በዚህ አዋጅ አንቀጽ 56 እና 57 መሰረት የሚሰበሰበውን ገቢ ለታቀደው ዓላማ ማዋል አለበት::
2) ድርጅቱ ወይም ማህበሩ ለኢንቨስትመት የወጡ ወጪዎችን ለማስመለስ የተዘረጋውን ስርዓት በመከተል ለዚሁ ጉዳይ በሚከፈተው የባንክ ሂሳብ ቁጥር ውስጥ በየዓመቱ ገቢ ማድረግ አለበት፡ ፡ ዝርዝር አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
